**XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA AFAAN OROMOON BARREESSUU BARATTOOTA M/B/BORACHAA KUTA 10FFA**

**ABBABAA TARFAA KUMSAATIIN**

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) ITTI-IN GUUTTACHUUF QOPHAA'E YUUNIVARSIITII JIMMAATTI KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU**

HAGAYYA 2016/2024

JIMMA, OROMIYAA

# XIINXALA DANDEETTII KEEYYATA AFAAN OROMOON BAREESSUU BARATTOOTA M/B/BORACHAA KUTA 10FFA

**ABBABAA TARFAA KUMSAATIIN**

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E YUUNIVARSIITII JIMMAATTI KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU**

**GORSAAN: ALAMAAYYOO FAQQADAA, (PhD)**

**GORSAAN AANTEE: TAAKKALAA GAMMACHUU**

HAGAYYA 2016/2024

**JIMMA, OROMIYAA**

## MIRKANEESSA

Yuunivarsiitii Jimmaa Kolleejjii saayinsii Hawaasaafi Humaaniittitti Damee barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu: Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf qophaa'e mata-duree: Xiinxala Rakkoo Dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromoo Barreessuu Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa Kutaa 10ffaa .''

Qorataan: Abbabaa Tarfaa Kumasaa Mall_____________ Guyyaa______

Waraqaan qorannoo kun Kan gorsa nuyi kennineen ulaagaa guutuun akka dhiyaate ni mirkaneessina.

**Gorsaan**: Dr. Alamaayyoo Faqqadaa Mall_____________ Guyyaa________

**Gorsaa Aantee**: Taakkalaa Gammachuu Mall.__________ Guyyaa_______

**Qoraa Keessaa**

Maqaa _________________________Mall.______________Guyyaa_______

**Qoraa Alaa**

Maqaa _________________________Mall_______________Guyyaa______

# Galata

Duraan dursee Barnoota digirii 2ffaa kan kan jalqabsiisee hanga xumuraatti haala hunda keessatti kan nagargaare Waaqayyoon galanni haaga'u Itti aansuun Gorsaa koo kan ta'an Dr.Alamaayyoo Faqqadaa haala jiru hunda keessatti na hubachuudhaan obsaa guddaadhaan nuffii tokko malee Mata duree qorannoo kana filachuu irraa kaasee hanga xumura qophii qorannoo kanaatti gorsaafi deeggarsa ogummaa akkasumas haamileefi ka-ka'umsa natti horuudhaan akkan hojii qorannoo kana galmaan ga'uuf kan na tumsaniif galanin ani isaaniif qabu guddaadha. Akkasumas; Gorsaa aantee koo kan ta'an Barsiisaa Taakkalaa Gammachuu qorannoo kana irratti gorsaafi deeggarsa tekiniikaa nagodhaniif galatoomaa jechuuni barbaada. Itti dabaluun; Barsiistuu Dabirewarqi Xuranaa yeroo rak-koon koompitaa na mudateetti deeggarsa barbaachisu naaf gochuun kan na deeggaraniif galatoomaan jedhaan. Xumura irratti haadha ijoollee kootii kan taate Aadde Tirfee Alanaa yeroo ani qorannoo kana hojjedhu hunda keessatti itti gaafatamummaa haadhummaa ofii isheetii qabdu cinaatti bakka koo buutee kan abbummaas itti dabalachuudhaan haala rak-kisaa keessa turre hunda keessatti obsa guddaadhaan hanga xumuraatti kan na jajjabeessaa turteef galata guddaan qabaaf.

## Axareera

*Kaayyoon qorannoon kanaa rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10ffaa bara 2015 xiinxaluudha, Haaluma kanaan qorataan Mana barumsaa kana keessatti rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu barattootaa adda baasuu waan barbaadameef xiyyeeffannoo itti kennneera. Akkasumas, qorataan qorannoo kana keessatti mala qorannoo safarataafi qulqulleeffataatti dhimma baeera. Kanamalees, qorannoo kana keessatti barattoonni 30'ni mala carraa kaayyoo kaayyoo irratti xiyyeeffateen filatamanii odeeffannoo akka kennan taasifamee jira. Dabalataanis, barsiisonni Afaan Oromoo kutaa10ffaa barsiisan 3 fudhatamuun ragaa akka kennan taasifameera. Akkasumas, qorannoo kana keessatti meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka battalee, afgaaffiifi bargaaffii mata duree kennameef keessaa filachuun keeyyata akka barreessan gochuufi a-fgaaffii barsiisotaafi barattootaa fayyadamuun ragaaleen funaanamaniiru. Ragaaleen funaanamanis, mala qaaccessa ragaalee barbaachisuun qaacceffamanii dhihaataniiru. Argannoon qorannoo kanaarraa argame akka mul'isutti, barattoonni kutaa 10ffaa rakkoo dandeettii seera himaafi keeyyata afaan Oromoo eeganii barreessuu akka qabaniifi yaada maddisiisuun, qindeessuun himaafi keeyyata sirrii ulaagaa guutu ijaaruu irratti rakkoon akka jiru hubatameera. Kanuma irraa ka'uun rakkoo kanaaf furmaata jedhamee akka hubaannoo qorataatti kan kaa'ame barattoonni osoo sadarkaa gara gadiitii kaasanii shaakalawwan barsiisota isaaniitiin kennamuuf daree keessattis ta'ee daree barnootaan alattis xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun nuffii tokko malee hojjechuun dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffatanii gaarummaaa akka qabuufi; irra caalaatti immoo barsiisonnis gama isaaniitiin of kennuun deeggarsaafi shaakala walirraa hincinne barattootaaf kennuun hanqina uumamuuf immoo duubdeebii atattamaafi sirreeffamaa kennaa yoo deeman rakkoon kun xiqqechuu danda'a. Walumaa galatti barsiisotaafi barattootaan cinatti deeggarsi maatiifi deeggarsi qaamaa dhimmi barnootaa isa ilaallatu hundi gahee isa irraa barbaachisu hunda bahuun rakkoo kana furuun barbaachisaa akka ta'ee hubatameera.*

Baafata

Qabiyye Fuula


Galata ..... I

Axareera ..... II

Baafata ..... III

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 3

1.3. Gaaffileen Bu'uuraa Qorannichaa ..... 5

1.4. Kaayyooo Qorannichaa ..... 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ..... 5

1.4.2. Kaayyolee Gooree ..... 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ..... 6

1.7. Hanqina Qorannichaa ..... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 6

2.1. Maalummaa Barreessuu ..... 6

2.2. Faayidaa Barreessuu ..... 9

2.3. Adeemsa Barreessuu ..... 9

2.3.1. Barreessuu duraa/prewriting ..... 10

2.3.2. Wixineessuu/drafting ..... 10

2.3.3. Keessa Deebi'uun Gulaaluu/Revising/ ..... 10

2.3.4. Gulaaluu/editing ..... 11

2.3.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing ..... 11

2.4.Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti daneettii barreessuu fooyyessuuf Gahee barsiisaafi barattootaa ..... 12

2.5. Wantoota Dandeettii Barreessuu Keessatti Danqaa Ta'an ..... 13

2.5.1. Rakkoo Xiin-sammuu ..... 13

2.5.2. Rakkoo Xiinqooqaa ..... 13

2.5.3. Rakkoo Dandeettii Yaadota Qindeeffachuu ..... 13

2.5.4. Rakkoo Sirreessuun Qubeessuu ..... 14

2.6. Maalummaa Himaa ........................................................................................................ 14
2.6.1. Qaamolee Himaa/body of sentence/ ............................................................................ 15
A. Matimaa/Subject/ ............................................................................................................ 15
B. Kutima/predicate .............................................................................................................. 15
2.6.2. Gosoota Himaa/ Types of sentence/ .............................................................................. 15
2.7. Ulaagaa himoota seera himaa eeganii barreeffamani ..................................................... 19
2.8. Maalummaa Keeyyataa..................................................................................................... 21_
2.8.1. Amaloota Keeyyataa ...................................................................................................... 23
2.8.2. Qaamolee keeyyataa ....................................................................................................... 27
2.8.3. Ulaagaalee Keeyyata Gaarii............................................................................................ 28
2.9. Gosoota Keeyyataa ........................................................................................................... 29
2.10. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii......................................................................................... 32
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ................................................................. 34
3.1. Saxaxa Qorannichaa.......................................................................................................... 34
3.2. Malleen Qorannoon Ittiin Funaaname ............................................................................. 34
3.3. Madda Ragaalee Qorannichaa ......................................................................................... 34
3.4. Madda Ragaa ................................................................................................................... 35
3.4.1 Madda Ragaa 1ffaa .......................................................................................................... 35
3.4. 2. Madda Ragaa 2ffaa ....................................................................................................... 35
3.4.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu............................................................................................ 35
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon ittiin funaanamu ................................................................... 36
3.5.1. Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaate. .................................................................................... 36
3.5.2. Bargaaffii Barattootaafi Barsiisotaaf dhiyaate. ............................................................. 36
3.5.3.Battalee Barattootaaf Kenname ...................................................................................... 37
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ................................................................................................ 37
BOQONNAA AFUR: HAALA IBSAAFI XIINXALA RAGAALEE .................................. 38
4.1.Ibsa Waliigalaa................................................................................................................... 38
4.1.2. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa....................................................................................... 38
4.1.3. Ibsa Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa ................................................................ 38
4.2.Af-gaaffii Barsiisotaafi Barattootaaf Dhiyaate ................................................................ 38
4.2.1. Af- gaaffii Barsiisotaaf dhiyyate..................................................................................... 38
4.2.2. Bar-gaaffii Barattootaaf dhiyaate.................................................................................... 40

4.2.3. Rakkoo Dandeettii Himoota Barreessuu Barattootaa Battalleedhaan Xiinxalame........41
4.3. Xiinxala Battallee keeyyata Barreessuu Barattootaaf  Kennamee....................................44
4.3.1. Battallee  keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf Kenname ............................45
4.3.2. Battallee keeyyata Barreessuu Marsaa 2ffaa Barattootaaf Kenname .............................46
4.3.3. Battallee Himaafi keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname ....................................49
4.4. Odeeffannoo af-gaaffii irraa Argamee Xiinxalame ..........................................................51
4.4.1. Odeeffannoo af-gaaffii barsiisotaa Rakkoo Dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti Xiinxalame.................................................................................................................51
4.4.2. Odeeffannoo af-gaaffii Barattootaa Rakkoo Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa irratti xiinxalame ..........................................................................................53
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ....................53
5.1. Cuunfaa ..............................................................................................................................53
5.2. Argannoo Qorannichaa .......................................................................................................55
5.3. Yaada Furmaataa ...............................................................................................................57
WABII........................................................................................................................................59
Dabalee-A .................................................................................................................................61

## Gabatee

Gabatee 4.2. xiinxala Rakkoo seera himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuu barattootaa. ....................................................................................................................................41

Gabatee 4.2.3.Xiinxala Gabatee Himootaa barattoonni barreessan keessaa bahanii...............43

Gabatee 4: xiinxala battallee keeyyata barreessuu Marsaa 1ffaa baratt ootaaf kenname ....................................................................................................................................45

Battalee marsaa 2ffaa dandeettii keeyyata barreessuu barattootaaf kennamee ilaalame.........48

Gabatee 7: xiinxala battallee himaafi keeyyata barreessuu marsaa 2faa barattootaaf.............49

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Gosa barnoota afaanii kamiyyuu keessatti dandeettiwwan afaanii gahee olaanaa qabu. Dandeettiiwwan afaanii kunneenis walduraa duubaan yemmuu tarreeffaman; dandeettii dhaggeeffachuu, dandeettii dubbachuu, dandeettii dubbisuu, dandeettii barreessuu, dandeettii seerlugaafi danddeettii hiika jechootaati. Dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbisuu odeeffannoo fudhachuuf kan tajaajilu yemmuu ta'u; dandeettiin dubbachuufi barreessuu immoo odeeffannoo qabnu yookiin ergaa namoota biroof dabarsuuf kan oolu dha. Barreessuun dandeettii dubbachuurraa toooftaa adda ta'een yaanni kan ittiin ibsamu waan ta'eef baruu-barsiisuu keessattis haala adda ta'e barbaada. Kun kan nu hubachiisu barsiisonni afaanii barattoonni isaanii dandeettii barreessuu isaanii daran akka cimsatan taasisuuf gahee guddaa akka qabanidha. Akka Wasanee, (1996:61) jedhutti Adeemsa afaan barachuu barsiisuu keessatti dandeettiin barreessuu isa bu'uuraafi kan bakka guddaa qabuudha. Yaada kanarraa wanti nuti hubachuu dandeenyu dandeettiin barreessuu adeemsa afaan barachuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuu isaati. Kana malees; dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa sadarkaa kamirratti akka argamu Mercer, (1988:171) yoo ibsu "Barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin erga dhaggeeffatanii, dubbataniifi dubbisanii booda barreessuu danda'u" jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubachuu dandeenyu barataan afaan dhaloota isaatiin afaan hiikkate dandeettii barreessuu dhumarratti waan gonfatuuf baay'ee warra kaanirra ulfaataa ta'uu isaati.

Itti dabalees, dandeettiiwwan afaanii keessaa barreessuun ulfaataa ta'uu isaa Girabefi Kaplan,

Barreessuun dandeettiiwwaan afaanii gurguddoo jiran jiraan keessaa isaa tokko yoo ta'u. Qubeewwan itti mallattoolee adda addaa fayyadamuun yaada sammuu keessa jiru waraqaa irra kaa'uudhaan namni biroo akka hubatu gochuudha. Haa ta'u malee dandeettiin isaa yeroo tokkoon Kan gonfatamu osoo hin taane yeroodhaa yerootti shaakala Kan barbaaduudha. Hiika dandeettii barreessuu ilaachisee beektonni afaanii hiika garagaraa kennanii jiru.

> *Brown (2000, f. 336) stated that writing is a thinking process. Further more, he stated that writing can be planned and given with an unlimited number of revisions. Writing represents what we think. It means that writing process reflects things in the mind. The students find difficulties when they start looking for some reasons to writing and producing written sentences, jedha.*

Yaada kana irraa akka hubatamutti barreessuun adeemsa yaadamaa ta'ee yaadamni daangaa hin qabne sun karoorfamee akkaataa itti taa'uudha. Kana malees barreessuun kan inni bakka bu'u wanta nuti yaadne ykn ilaalame keenyadha. Kana jechuun barreessuun wanta sammuu keenya keessa jiru baasee calaqqisiisa jechuudha. Hudhaaleen barattoota mudachuu danda'us yemmuu isaan wanta tokko barreessuuf sababeeffatanii fi himoota qindeessanidha.

Lindbolm in Fatmawaty (2010, f.13) akka ibsetti barreessuu jechuun dhimma waan tokkoorratti waan xiinsammuu keenya keessa jiru irratti xiyyeeffannee waayee dhimma sanaa baruuf kan nu gargaarurratti hundoofnee yemmuu keenyudha. Gochaanis, namni waan karaa barreessuu furmaata rakkoo jennuu kan hiikaafi sammuuma namoota barreessaniifi kanneen namoota hin barreessineellee kan walitti fiduu danda'udha. Gama biraatiiniis, barreessuun waan dhugaa tokko sirna afaan ittiin barreessinu sana fayyadamne ibsuu dandeenyudha. Kanaaf yemmuu barreessinu wanti lama hudhaa nutti ta'uu danda'a. Innis maal akka barreessinuufi akkamitti akka barreessinudha. Kanaaf barreessuun dandeettii ittiin seerluga afaan sanaa fayyadamnee waan barreessinu sana jechoota, akkasuma himoota qindeessinee waayee mata duree sanaa ibsuu dandeenyudha.

Akka McWhorter (1997:45) ibsuttis, Barattoonni dandeettii gahumsaan barreessuu sadarkaa qubeessuu, jecha, himaafi keeyyata barreessuu hanga barruu guutuutti barreessuuf unkaafi qabiyyee isaa addaan baasanii beekuu baannaan dogoggorri adda addaa uumamuu danda'a jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti barattoonnis dandeettiin gahumsaan barreessuu baay'ee ulfaataa ta'e kana argaachuuf xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun akka irraa eegamudha.

Gama biraatiin rakkoo dandeettii barreessuu wanti ulfaataa taasise, Byrne,(1988) akka ibsitetti, *Walqunnamtiin dubbii afaaniin ta'u, uumamaan kan yeroo hedduu itti gargaaramnuudha. Yeroo dubbii afaanii; dubbataafi dhaggeeffataan qaamaan walbiratti argamuun yaadeebii waliif kennuun wal sirreessuun ni danda'ama. Barreessuun garuu, gocha qofaa teenyee xiyyeeffannoon itti kennamee raawwannudha*. Kana irraa kan hubannu yommuu barreeffamu yaadeebiin nama biraa hin eeggatamu. Kunumti dandeettii gahumsaan barreessuu ulfaataa taasisuu danda'a. Kanaaf rakkoo dandeettii gahumsaan barreessuu barattootaa furuuf gochaalee waliin waldeeggaruu danda'anitti gargaaramanii waan barreessan irratti duubdeebii waliif kennuun akka wal sirreessaa deeman gochuufi yeroodhaa yerootti shaakala walirraa hincinne taasisuun akka of fooyyessan gochuun hojii barbaachisaafi xiyyeeffannoo guddaa barbaadu ta'uusaatu hubatama.

Dhimmi guddaan dandeettii barreessuu barattootaa murteessaa ta'eefis Afaan Oromoo afaan barreeffamaa, sab-quunnamtii, afaan hojii mootummaa, afaan mana murtii, afaan qorannoofi qo'annoon ittiin geggeeffamu, akksumas afaan barumsaa, afaan og-barruu ta'ee osoo jiruu barreeffama barattoonni barreessan keessatti rakkoon himaafi keeyyaata gahumsaan barreessuu barattoota biratti bal'inaan waan mul'tuuf. Kana malees; caaseffama himaafi keeyyata sirrii ta'e haala qindoominaa, walqabannaa yaada himootaa, caasaafi ulaagaa keeyyata gaarii eeguun qulqullinaafi gahumsaan barreessuurratti hanqinni barattoota bira waan jiruuf. Dhimma kana ilaalchisee Misgaanuun, (2011: 59) akka ibsutti, *"Barattoonni heedduun rakkoo ykn hanqina dandeettii barreessuu qabu; barreeffamatti gargaaramanii sirriitti of ibsuufi yaada isaanii calaqqisiisuu hin danda'an.* Kanamalees, rakkoo dandeettii gahumsaan barreessuun walqabatee, barattoota mudachuu danda'u akka Byrne,D.,(1988) ibsitutti, "sababoonni

rakkoowwan kanneeniis adda ba'anii furmaanni itti hin kennamu taanaan barattoonni dandeettii kanaan beekumsa barbaadamu gonfachuu kan hin dandeenye ta'uusaati" jechuun ibsiti. Akka yaada kanaatti rakkoon dandeettii barreessuu kun adda bahee beekame fala argachuu baannaan barattoonni beekumsaafi dandeettii qabaniin gara fuulduraatti dorgomaa cimaa akka hin taane taasisuu akka danda'u mul'isa. Dandeettiin gahumsaan barreessuu ulfaataafi gonfachuufis yeroo dheeraa fudhatu kun Barattoota Mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa 10ffaa baratan birattis haqina ta'ee kan mul'atu ta'uusaa sababoota tokko tokkorraa qorataan waan hubateef; mul'ate kana bu'uura godhachuun akkasumas komee hawaasa mana barumsichaa irra yeroo adda addaa bal'inaan ka'u gid-dugaleeffachuun rakkoo kana adda baasee furmaata isaa qaama ilaallatuu waliin itti kennuuf mata duree "Xiinxala dandeettii gahumsaan barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa" jedhu irratti qorannoo isaa geggeessuuf ka-roorfateera.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Dandeettii seera himaafi keeyyata Afaan oromoo barreessuu barattoonni yoo horatan, barumsa yeroo itti aanu barataniif bu'uura. Kana malees barattoonni himaafi keeyyata barreessuu irratti gahumsa yoo qabatan dhaabbilee barnoota olaanaa yoo galan himaafi keeyyata qindoomina qabu barreessuun isaan hin rakkisu. Akkuma beekamu barattoonni dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kan argatan akkaataa gilgaalonni shaakala dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kitaaba barataa keessatti dhiyaatuuiuni.

Kitaabni barataa mata duree himniifi keeyyanni itti barreeffaman kennuun barattoonni akka barreessan isaan gochuun sirriitti ogummaa keeyyata barreessuu akka gabbifatan taasisa. Barnoota Afaan Oromoo keessatti dandeettii himaafi keeyyata barreessuus ta'ee barreeffama biroo barreessuu barattootaa cimsuuf sadarkaan barnoota isaan irra jiran akkasumaas umurii isaanii irratti kan hundaa'u ta'a. Barsi-isonni mana barumsichaa Afaan Oromoo barsiisaa jiran barattoonni sadarkaa irratti argaman akka isaan dandeettii himaafi keeyyata barreessuu gonfataniif deggarsaafi hordoffii akkasumas adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barreeffama isaan barreessan irratti duubdeebii gahaa ta'e walitti fufiinsaan nuffii tokko malee gahe isaanii bahanii akka hojjetantu irraa eegama.

Bu'uuruma kanaan kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa mataduree adda addaa kennuun akka isaan keeyyata adda addaa barreessaniif kaahe jira. Isaanis akkaataa armaan gadiin ilaaluun danda'ama. Keeyyata barreesse otoo hinxumuriin hanbisee barattoonni akka shaakala yaada jalqabamee hafe xumu-raniif ka'e jira. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa ,(2006, *f*.12), Kana malees Mata-duree "barmaatiilee bar-noota shamarraniitirratti dhiibbaa fidan," jedhu irratti keeyyata tokko barreessi. Barreeffama kee kees-satti qub-guddeessaafi qoodduutti sirriitti fayyadamuu kee hubadhu. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, *f*.46).

Mata-duree, “Guddina Afaaniifi Aadaa Oromoo keessatti gahee manguddootaa” jedhurratti barreeffama dheeraa keeyyata afurii hanga ja’aa qabu barreessi. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2006, f.56). Mata-duree irratti keeyyanni barreeffamu erga kenne booda haala itti keeyyanni sun barreeffamu tartiibaan ka’eera. Tartiibni kunis jalqaba irratti ofuma isaanii yaaduun odeeffannoo akkaataa yaadannootiin barreessuun ykn burqaalee adda addaarraa funaanuu. 2[ffaa]. Yaadota funaanamaan tartiiba sirrii ta’een teessisuu. 3[ffaa]. Barreeffama duraa barreessuu. 4[ffaa]. Barreeffamicha keessa deebi’anii dubbisuun sirreessuu; yoo danda’ame hiriyoota isaaniitti laatanii yaada irratti kennisiisuu. 5[ffaa]. Barreeffama isa dhumaa barreessuun barsiisaan akka siif dubbisu itti laachuu.

Mata dureen qorannoo kanaa ‘Xiinxala Rakkoo Dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa 10[ffaa]’ kan jedhu yemmuu ta’u; Qorannoon kunis rakkoo dandeettii gahumsaan barreessuu barattoota irratti mul’ate xiinxaluun furmaata itti kenneera.

Rakkinichis, kan mul’ate muuxannoo qorataafi komee hawaasaa mana bursichaa irraati. Kunis qorataan barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaa waan ta’ef yeroo adda addaa yemmuu barattootni gilgaalota shaakalan akkaataa isaan himaafi keeyyata Afaan oromootiin barreessan kan mul’atudha. Kana malees; hawaasni mana barumsichaa tokko tokko rakkoon kun barattoota sadarkaa lammaffaa baratan biratti akka mul’atu waltajjii argame irratti yaada isaanii kaasaa turaniiru.

Kun immoo qorataan rakkoo kana gad-fageenyaan xiinxalee qaama ilaallatuu waliin furmaanni akka itti kennamu godheera. Dhugumattuu rakkoon dandeettii barreessuu barattootaa kun furmaata barbaachisu argachuu baannaan egeree barattootaa kanaafi dhaloota Afaan Oromootiin baratee barreessufis ta’e ergaa barreeffama afaanichaan darbu irratti miidhaa guddaa fiduu danda’a. Guddinni afaan tokkoos sadarkaa afaan dubbii ta’uurra darbee gara sadarkaa afaan barreeffamaatti ce’uun afaanichi waalta’a waan ta’eef dandeettiin gahumsaan barreessuu murteessaadha. Kanaaf yoo rakkoon kun furame barattoonniifi namoonnii afaanicha fayyadamanii barruuleefi kitaaba adda addaa barreessan Seera barreeffamaa eeguun rakkoo dandeettii barreessuu irraa bilisa ta’uu danda’u jedhee waan yaadeef qorataan qorannoo isaa kan itti fufeera.

Haaluma kanaan, qorataan Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa keessaa barattoota kutaa 10ffaa daree seenee Barnoota Afaan Oromoo Waan barsiisuuf rakkoon dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota kana irratti yemmuu mul’atu qabatamaadhaan waan hubatuufidha. Haaluma kanaan rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota kana irratti mul’atufi komee yeroo adda addaa hawaasa mana barumsichaa biraa bal’inaan ka'u xiyyeeffannoo keessa galchuun rakkoo kana adda baasuun furmaata itti barbaaduuf qorataan gaaffilee bu'uuraa qorannoon kun ni deebisa jedhee yaadu kan armaan gadii qopheeffachuun qorannoosaa gaggeesseera.

## 1.3. Gaaffileen Bu’uuraa Qorannichaa

1.Barattoonni Mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa Seerra himaa Afaan Oromoo eeganii hima ni barreessuu?

2.Barattoonni Mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa Seera keeyyata Afaan Oromoo eeganii keeyyata ni barreessuu?

3.Maddi rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuu barattoota kutaa 10ffaa maal maali?

4.Rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuu barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa hambisuuf gaheen barsiisota Afaan Oromoofi barattoota akkasumas qaama dhimmi barnootaa ilaallatuu maali?

## 1.4. Kaayyooo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa xiinxaluun dhiyeessuudha.

### 1.4.2. Kaayyolee Gooree

1. Barattoonni Mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa seera himaa Afaan Oromoo sirriitti eeganii hima barreessuu isaanii adda baasuun ibsuu.
2. Baratttoonni Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10ffaa Seera keeyyata Afaan Oromoo sirriitti eeganii keeyyata barreessuu isaanii adda baasuun ibsu.
3. Madda rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Affan Oromoo barattoota Mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa adda baasuun tarreessuu.
4. Rakkoo barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa hambisuuf gaheen barsiisota afaan Oomoo, barattootaafi qaamota dhimmi barnootaa ilaallatuu adda baasuun tarreessuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa qaamolee hedduuf ta’uu danda’a. Isaanis: Barattoota mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan hundaafi Namoota mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo geggeesssu barbaadaniif akka ka’umsaatti yookaan akka wabiitti gargaaruu danda’a. Sababnisaas, barattoonni sadarkaa lammaffaa mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa rakkoolee dandeettii barreessuu irratti isaan mudatu hubachuun dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachuu danda’u.

Kana malees, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan madda rakkoo dandeettii gahumsaan barreessuu kana qorannoo kanarraa erga hubatanii booda dandeettii gahumsaan barreessuu kana irratti sirriitti xiyyeefatanii barattoota isaanii shaakalsiisuun lammii dandeettii gahumsaan barreessuu qabu akka horatan isaan taasisa. Akkasumas, namoonni mata duree kanaan walfakkatu irratti qorannoo geggeessuu bar-

baadan waraqaa qorannoo kana dubbisuun akka ka'umsaatti yookiin akka wabiitti itti gargaaramuu danda'u.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffamu Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Boorrachaa Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10[ffaa] irratti yemmuu ta'u, Mata dureen isaas 'Xiinxala rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa 10ffaa' kan jedhudha. Sababni as irratti daangeffameefis qorataan jiraataa Aanaa kanaa waan ta'eefi barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kanaa waan ta'eefidha.

Kana malees, manneen barumsaa sadarkaa lammaffaa Aanaa kana keessa baay'inaan sadii ta'anillee manneen barnootaa kana hunda irratti qorannoo geggeessuun baasii guddaafi yeroo dheeraa waan gaafatuuf barattoota mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaa bara 2015 ni baratan irratti akka daanga'u ta'eera. Haaluma kanaan qorataan yemmuu barattoota kutaa kanaa barsiisutti rakkoo dandeettii gahumsaan barreessuu kun barattoota kutaa 10ffaa biratti waan mul'atuuf rakkoo kanaa adda baasuun furmaata barbaachisu kaa'uun dhimma irratti xiyyeeffatamu ta'eera

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti qorataan ragaalee qorannoo kanaaf gargaaran yemmuu sassaabachuuf deemutti hanqin yeroo, baajataa, kitaabilee wabiifi leecalloo qorannoo kanaaf barbaachisaniin kan walqabateen akkasumas sababa Ministeerri barnoota karaa hinbeekamneen bara 2015tti barnoonni gannaa akka hin kennamne godheen haamileen qorataa kanaa boodatti deebi'uu irraan kan ka'ee qorannoo kana yeroo jedhameefi haala karoorfameen dhiyeessuun hanqina guddaa qorannoo kana keessatti mudatedha.

Kana malees, haala qaala'insa yeroo ammaa hammaata jiruu keessatti mootummaan nyaata barattootarraa kutuun dhuunfaadhaan of danda'a jechuun immoo rakkoo ulfaataa isa biraa ta'ee argameera.Rakkoon kun osoo jiruu hojii idilee isaa osoo hinqisaasessiin gufuuwwan karaa adda addaatiin qunnamu iyyuu tooftaa mataa isaatiin jala darbuu danda'eera. Akkasumas, hanqina kitaabilee wabii mudateef kan bituufi kaan immoo namoota dhuunfaafi mana kitaabaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Boorrachaatti gargaaramuun haaluma danda'ameen rakkowwan quunnaman hunda dandamachuun keessa ba'uuf yaaleera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Barreessuu

Barreessuun dandeettii kalaqa sammuu karaa si'oomina qabuun barruu qopheessuudha. Karaa biraa immoo, ibsa dandeettii sadarkaa gadaanaa kan akka barreeffama harkaa, sirna tuqaalee fi qubeessuu yaammuu ta'u, ammas tartiiba yaada olaana kan akka karoorsuu, tartiibessuufi qabiyyee isaa ibsuu of keessatti qabata. Berninger et al,(2002). Barreessichi qabiyyee barreeffamu sanatti sirriitti yaada itti kennuu yookiin akka dubbisaan hubatutti ibsuun barbaachisaadha.

Akka White fi Arndt, (1991) Hammad, (2013, *f*.1) keessatti kaa'ame jirutti, Barreessuun adeemsa dandeettii yaada cimaa gaafatuudha. Akkasumas, yaada burqisiisuu, karoorsuu, hogganuu, madaaluu, maaltu barreeffamuu qaba, maaltu barreeffamefi jechoota yaadicha sirriitti ibsan fayyadamuudha. Kana jechuun barreessuun adeemsa barreessan hordofuu qabu of-keessatti hammata. Ergaa dabarsuu barbaade dabarsuuf jechuudha.

Ibsicha irratti hundaa'uudhaan barreessuu akka kanaa gadiitti gudunfuun ni danda'ama. Barreessuun cimina yaaduu, ibsuu, fedhii barreessaan qabu bifa barruun dhiyeessuudha. Kunis deemsa barreessuun qabu Kan of keessaa qabuu fi dubbisaaf karaa ifa ta'een kan dhiyaachuu qabudha. Tigbar Kibret Mulunesh,(2018), qorannoo isaa keessatti: Kun kan agarsiisu Barreessuun gocha xiyyeeffannoo barbaaduufi shaakala keessa kan argamu malee uumaman akka hin taane eera. Akkuma beekamu dandeettiin kamuu guyyaa keessa kan argatamu kan galma ga'u baratameeti.

Waanti barreessaan xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu, yemmuu dubbannu yeroo baay'ee namni waliin dubbannu nu bira waan jiruuf, fuula isaa ilaaluuf carraa waan qabnuuf haala isa waliin of sirreessinee dubbachuu dandeenya.

Yemmuu barreessinu garuu kophaa keenya waan jirruuf carraa akkanaa hin qabnu. Dubbisaan waan ifa hintaaneef tokko gaafatee hubachuu waan hin dandeenyeef, gaaffii dubbisaadhaan ka'uu danda'a jennee shaakkinu deebii kennaa barreessina jechuudha.

Nunan, (1991, f.88) dabalee akka jedhetti barreessuun gocha yaada haaraa argachuun akkaataa itti himoota qindeessanii keeyyata uumuun yaada argatan sana itti ibsanidha. Barreessuun kalaqa yaada sammuu karaa ittiin ibsataniifi bifa ifaa ta'een namaaf akka hubatamu gochuudha. Akkasumas karaa yaada ofii himaa fi keeyyatan akka namaaf hubatamuu danda'utti ittin ibsataniidha. Kun kan mul'isu barreessaan yaada isaa qindeessee akka barruu gaariitti akka dhiyeessuuf fayyada. Itti dabaluunis, barruun yaada fi hubbannaa barreessaa hawaasaaf kan ibsuudha. Karaa ogummaa qabuun yaada walitti qindeessuu barbaada.Barattoonni baay'een barreessuun akka waan ulfaataa ta'eetti kaasu, kunis sababni isaa akkaataa fi waayee maalii akka barreessanii sanarraa madda.

Akka Terry, (2009, *f*.2) jedhetti sababa namoonni hin barreessinees barreessuu booda dogoggora dhufuu wajjiin walqabata.Akkasumas akka Graves (1994, *f*.59) immoo kan inni kaa'u "Dogoggoorri kan inni mudatu sababaa hubachuu dhabuu dandeettiiwwan barreessuu, barreessuu dura xiinxaluu dhabuu fi akkasumas seer-luga afaanichaa eeguu dhabuurraa dhufa jedhee kaa'e.

Barreessuun seer-luga eeganii yemmuu barreessan jechaa qofa ta'uu dhiisuu danda'a. Garuu yemmuu barattoonni waan barreessaan sana utuu hin cinqamiin/dhiphatiin/ dogoggora tokko malee katabuu danda'aniidha. Yaada argachuu, qindeessuufi yaada ijaaruu, yaada sirrii filachuu. Akkasumas, keeyyata qindeessuu keessatti rakkoon/hudhaan/isaan qunnamuu danda'a. Kunis barsiisaan barattoota isaa akkaataa isaan waa gabbifatanirratti tumsa godhaafi jechaadha.

Kana malees barreessuun dandeettiiwwaan afaanii jiraan keessa ulfaatafi wal xaxaa kan ta'edha.Akka yaada hayyoonni kennanitti barreessuun dandeettiiwwaan afaanii jiran keessa faayidaa olaanaa kan qabu ta'ee haala salphaa ta'een to'achuun itti ulfachuu danda'a. Barumsa isaanii keessatti qabxii gaarii galmeessisuuf dandeettii olaanaa kan gaafatuufi itti fayyadama jechootaa, caasaalee hima sirriifi sirnaawwaa hin taanee akkasumaas caaseeffama afaanii dogoggora uumuu keessatti gahee inni taphatu olaanaadha (Jefferson K., Ramya Sri R., Radhahrishnan V.Psychology, 2020).

Barreessuun karaa yaada, miiraafi beekumsa sammuu keessaa jiru ittiin ibsinuu dha. Beektonni adda addaa maalummaa barreerreessu karaa adda addaatiin ibsu. Akka Hedge,(1988) ibseetti barreessuu jechuun kara barreessan yaada isaa walitti qindeessuun hima, keeyyata, fi barruun kan ibsuu dha jechuun lafa ka'aniiru. Akka, Byrne, (1988) barreessuun sirna yaada gurmeessuun qindeessani jechootan dubbisaa ilaachaa keessaa galchaanii barreessuuti jedhu.

Akkasumas; qubeewwan yookaan mallattoolee uummanni irratti waliigaletti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaafi kanneen biroo irratti qubeessudhaan mala ergaan ittiin darbu barreessuujedhama Geetachoo, 2006:*f*.6).

Akkasumas, adeemsi qubeen, jechi, gaaleen, ciroon, himni qinda'anii gara keeyyatatti guddachuun barreeffama ta'anidha. Yaada kana Beyrene, (1988:*p*.1) "*The symbol should be arranged in meaningful way to form words, words to form pharse, clouse or the combination of sentences to from and organized paragraph*," jechuun ibsiti.

Haaluma walfakkaatuun maalummaa barreessuu ilaalchisee yaadawwan amma yoonaatti ibsaman yemmuu ilaallu, kuusaan jechootaa 'Advanced learners dictionary' jedhamu yoo hiiku "*Writing is making letter or other symbol with a pen or pencil symbols, words, messages especially on paper*" (1994:*p*.1430) jedha.

Akkasumas barreessuun adeemsa nama waan barreeffame dubbisuufi nama barreessu gidduu walqunnamtii taasifamudha. Kana malees; brreessuun adeemsa sadarkaalee hedduu keessa darbuun jechuunis; yaaduu irraa jalqabee mallattoolee afaan sana fayyadamuun barreessuun hanga maxxansa isa dhumaatti adeemsa godhamudha

. Haaluma walfakkaatuun barattoonnis adeemsa kana keessa darbuun gahumsa dandeettii barreessuu isaanii cimsachaafi fooyyeffachaa deemu Brown, (2003). Egaa haaluma armaan oliirratti hundoofnee

hiika barreeffamaa yoo xiinxalluu yaada sammuu keenya keessa jiru mallattoolee /qubeewwan/ adda addaatti fayyadamnee waraqaarra kaa'uu dhaan namni biraa akka dubbisee hubatu kan ittiin taasifnudha yaada jedhu kan cimsuudha.

## 2.2. Faayidaa Barreessuu

Barreessuun dandeettii barattoonni gonfachuu qaban keessaa isa tokkodha. Sababiin isaa yaada isaanii akka gaariitti qindeessuun bifa barreeffamaan akka dhiyeessan isaan gargaara. Akkasumaas barreessuun qabiyyee barreessuu keessatti barbaachisoo, ta'e bu'aa hawasaa keessaa isa bu'uurati. Barreessuun barachuun barattoonni dandeettii barreessuu fi akkamitti gahumsaan akka barreessan ni baratu. Akkamitti yaada isaanii ibsachuu akka danda'an, haala itti yaada isaanii waliif hiruu danda'an, adeemsa barreessuu kana keessatti ni gonfatu. Harmer ,2004, *p*..31-33) akka barreesseetti, faayidaan barreessuu barachuu jira. Isaanis akka armaan gaditti ilaaluun ni danda'ama.

Akka Geetachoon, (2006*:f*.6-7) ibsetti, Barreessun faayidaa guddaa akka qabudha.

Innis: Faayidaan barreessuu; *Aadaa, seenaa, firii saayinsiifi teekinooloojiifi qaroominaa dhalootadhalootatti dabarsuuf, namoota fageenyaa irraa jiraniif yaada ofii ittiin dabarsuuf, adeemsa baruufi barsiisuu ittiin gaggeessuf, qo'annoofi qorannoo ittiin gaggeessuuf, waliigaltee ummattoota jiddutti godhamu akka ragaatti ka'uuf, hojii ilma nama hunda ittiin geggeessuufi ibsuuf oola,"* jechuun ibsee jira.

Kanamalees, barreessuun guddina afaan tokkootiif faayidaa guddaa qabaachuurra darbee ilma namaatiif akka meeeshaa quunnamtiitti ilaalama. Bu'uuruma kanaan, barreessuun kan dhalli namaa yaada isaa, ilaalcha isaa, gaddaafi gammachuu isaa akkasumas miira itti dhagahame kan ittin dabarfatuufi qunnamtii hawaasa bal'aa wajjin ittiin adeemsisudha. Keessattuu,yeroo amma kana yeroo saayinsiifi teknooloojiin dagaagaa jiru kana keessatti dhalli namaa olmaa isaa barreessuu waliin hidhata guddaa godhatee jirudha.

## 2.3. Adeemsa Barreessuu

Dandeettiin barreessuu adeemsa adda addaa of keessaa qaba. Akka Hill (2001, f.46-48) ibsutti barreessuun adeemsa sadarkaalee keessa darbamu shan ofkeessaa kan qabu dha. Adeemsonni barreessuu kanneenis:

- Barreessuu duraa (prewriting)
- Wixineessuu (drafting)
- Keessa deebi'uun gulaaluu (revising)
- Gulaaluu (editing/proof reading)
- Xumuraaf barreessuu/dhiyeessuu (publishing/presenting)

### 2.3.1. Barreessuu duraa/prewriting

Hayyuun kun gulantaa barreessuu duraa yoo ibsu akkas jedha, Akka yaada Hill (2001, f.46-48) tti "Prewriting is the first stage in which information or details are gathered and the paper is planned," ka-na jechuunis, barreessuun duraa sadarkaa jalqabaa kan ragaalee fi ibsoonni gadi fageenyaa keessatti walitti qabamanii fi bakka itti waraqaan qophaa'uuf karoorfamedha. Kanaaf, bakki xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qabu barreessuu duraa ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

### 2.3.2. Wixineessuu/drafting

Hayyuumti kun wixineessuus yommuu ibsu, "Drafting is writing your ideas down in related sentences and paragraphs. The goal during drafting is to let your writing flow without worrying about grammar and mechanics" Hill ,(2001, *f*.46-48). Kunis, wixineessuun yaada ofii himaanis ta'e bifa keeyyataan lafa kaawachuudha. Galmi yommuu wixineessuus barreeffama ofii dhiheessuun waa'ee seerlugaa yookiin kan biroo osoo hin yaadiin qopheeffachuudha. As irraa kan hubatamu waa'ee waan barreessaa jiranii yaada namatti dhagahame sirriifi ta'uu dhabuu isaa osoo hin sodaatiin baafachuudhaan waraqaa irra kaa'uun barbaachisaa ta'uu isaati.

Kana malees, Gaber, (2003), "*When writing their first draft, students should not expect perfection or even work toward sit. The first draft should be considered as a further means of discovering ideas and what one wants to do*." Akka yaada isaatti barattoonni yemmuu barreeffama jalqabaa/wixinee qopheessan irra caalaatti yaadolee burqisiisuu fi maal hojjechuu akka fedhan kan itti calaqqisiisan akka ta'e kaasa.

> *Most students ignore the above efforts to generate and organize their ideas, and lose track of supporting ideas and the main point. They try to "just write". It is important to take writing step by step and not to try to write the entire paper at once. This is where a student needs the most support and guidance. Have student write about one point at a time, one paragraph at a time. Then put paragraphs together. Do the introduction and conclusion last? They are easier to write then.*

Akka yaada oliitti barreessuu barattoonni baayyeen kan hin jaallanneefi dadhabsiisaa waan ta'eef akka barattoonni tartiiba tartiibaan yaada qindeessan, achiin immoo keeyyata; itti aansee keeyyata walitti fi-dan; dhumarratti ilaaluun akka cuunfanii barreessan gochuudha.

### 2.3.3. Keessa Deebi'uun Gulaaluu/Revising/

Haaluma walfakkaatuun, hayyuumti Hill (2001, f.46-48) gulaaluu yeroo ibsu, "Revision means reading your draft closely, remaining your self of your purpose and reworking and clearifying your ideas,"

jedha. Kana jechuunis, keessa deebi'uun gulaaluun haalaan wixinee dubbisuu, kaayyoo ofii of yaadachiisuu, irra deebi'uun hojjechuu fi yaadaawwan ofii ibsuudha. Kanumarraa ka'uudhaan keessa deebi'anii gulaaluun adeemsota barreessuu keessaa bakka itti dogoggorri yoo jiraate irra deebu'uudhaan sirreeffataniidha. Kana malees, yeroo barreessinu irra deebi'uun ilaaluun rakkoolee ykn. dogongora ilaaluuf.

> *Revisions: Writing is such a personal process and a person's ego is truly on the line when someone critiques their work. Focus on the general point being made by the student – their thought processes. Always give positive, detailed feedback as well as detailed feedback regarding suggestions for improvement. If sequence is a problem – with scissors, cut your student's paper into sections and have them arrange the pieces in a more logical order. For many errors-focuses only on one type of error, such as use of commas, pronoun use, details, main idea, etc. For spelling errors-focus on five misspelled words at a time for each revision. Do not spell word for the student-refer student to dictionary or spell checker and teach them how to use this resource.*

Akka yaada olitti yoo tartiibni jijjiirame; yoo dogongorri sirna tuqaalee fi qubguddeessaa jiraate irra deebi'amee ilaalamuun Kan barbadamuuf.

### 2.3.4. Gulaaluu/editing

Akka Hill, (2001, f.46-48) jedhutti: "In this stage look closely at each paragraph, each sentence, and each word. Do your sentences how smoothly? Are they grammatically correct? Are your spelling and punctuation correct? Sadarkaa kana keessatti barreessaan tokko tokkoo keeyyataa, himootaafi jechootaa haalaan ilaaluudha. Himoonni koo walqabatiinsa qabuu? Gama Seerlugaa fi sirni tuqaalee koo sirriidhaan bakkatti ilaalamuudhaan sirreeffamaniidha gaaffiilee jedhan kanaaf of gaafachuu qaba.

### 2.3.5. Xumuraaf barreessuu yookiin dhiheessuu/publishing

Dhumarratti hayyuun kun xumuraaf barreessuu yeroo ibsu akkas jedha. "*Some times sharing your writing with a reader simply means handing it into your teacher. At other times you want your thoughts and ideas to go far beyond the teacher's desk"*, Hill, (2001, *f*.46-48)

Yeroo tokko tokko barreeffama kee dubbistootatti kennuun kana jechuun barsiisaatti kennuudha. Yeroo biraa ammo kan ati barbaaddu yaadi kee barsiisaa olillee darbee akka siif deemuudha. Waan sirreeffamuu qabu hunda erga sirreesineen booda qindeessuudhaan barreeffama dhumaa barreessuudha. "*The last stage of the process approach to writing is editing. This stage concentrates on linguistic accuracy: grammar, spelling and punctuation.*" Harris, (1993). Akka yaada isaa kanatti adeemsa barreessuu keessaa inni dhumaa sirreessuu/editing ta'ee xiinqooqa, seerluga, qubee fi sirnatuqaalee ta'uu kaa'e.

Dabalataanis, Hewings fi Curry, (2003), akka ibsanitti: “the editing stage involves checking references and formatting the students’ writing.” Sadarkaa kanatti irra deebi’anii ilaaluu kan gaafatuudha.

Walumaagalatti, barreessuun adeemsa keessa darbee baratamuun barreeffamu mataasaatii kan qabudha. Ammuma callisnee lafaa kaanee kan barreessinu osoo hin taane adeemsota barreessuu jiran eegnee barreessuun gaarii ta’a. Adeemsi barreessuu jalqaba ragaalee fi ibsoota garaagaraa kan waa’ee waan barreessituu siif gabbisan walitti qabuutii kaasee hanga barreeffama xumuraa barreessuun dhiheessuutti adeemsa sadarkaasaa eeggatee taasifamudha. Barreeffama ergaa quubsaa ta’e dabarsu tokko barreessuuf shaakala yeroo dheeraa kan gaafatuufi adeemsota armaan olii kana keessa kan darbuudha.

## 2.4.Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti daneettii barreessuu fooyyessuuf Gahee barsiisaafi barattootaa

**I.** Barsiisaan adeemsa barreessuu keessatti shora olaanaa qaba. Gaheen isaa kunis adeemsa barreessuu keessatti barattootaaf haala mijeessuu, onnachiisuu, jajjabeessuu,amala barattootaa itti siqeenyaan beekuu, hordofuu, fedhii barattootaa addaan baasuun beekuufi ulaagaa barreeffamaa akka beekanii barreessan taasisuudha. Kanumaan kan walqabate, Harmer, (1991: *p*,200) jedhutti ‘’ Ogummaa barreessuu keessatti gaheen barsiisaa daddammaqsuu yookiin kakaasuu, deeggarsaafi duub-deebii kennuudha.’’ Kunis kan nu hubachiisuu adeemsa dandeettii barreessuu keessatti barsiisaan barattoonni akka fedhii guutuudhaan barreessaniifi kaka’umsa qabaatan barsiisaan gama isaatiin deeggarsa barbaachisu kennuun  waan isaan hojjetan sana immoo akka hordofee ilaaluun duubdeebii sirrii akka kennuufii qabu nu hubachiisa.

Gama biraatiin, Nunan,(1989*:p*.19) akka ibsutti ‘’Gaheen barsiisaa barattootaaf fakkeen gaarii /roll model/uumee barattootaaf qooduufi gochaalee barattoonni raawwatan qajeelchuu,dogoggora jiruuf duubdeebii kennuun fakkeenya gaarii barattootaaf ta’uun akka irraa eegamudha’’ jedha. Kana malees; Barsiisaan adeemsa barreessuu keessatti deeggarsa barattootaaf godhuu ilaalchisee;

Misgaanuu, (2011:*f,77)* yoo ibsu ‘’ Barattoonni adeemsa barreessuu keesstti akka milkaa’an gargaaruuf barsiisaan sadarkaa hunda keessatti hojii hojjetamuu qaban hojjehuu qaba.’’ jedha.  Kun kan nu hubachiisuu adeemsa barreessuu barsiisuu keesstti gaheen barsiisaa bakka olaanaa akka qabudha. Kunis ogummaan barreessuu ogummawwan kanneen biroorra adda waan ta’eef qajelchaa barbaada.

**II. Gahee Barataa**

Adeemsa barreessuu keessatti gaheen barattootaa mata duree kenname irratti yaada maddisiisuun; yaada maddisiisan kan irratti wixinee qopheessuun; erga wixinee qopheeffatanii booda barreeffama jalqabaa barreessuu, itti aansuun barreeffamicha irra deebi’uun ofis sirriitti ilaaluun akkasumas hiryaa yookiin qaama dubbisutti kennuu n sirreeffamaafi duubdeebii fudhachuutu irraa eegama. Haaluma kanan erga duubdeebii fudhatanii booda siirreessuun barreeffama dhumaa yookiin xumuraa barreessuutu

irraa eegama. Kana gochuufi immoo kutaa barnootaa qofa keessatti osoo hintaane daree barnootaatiin alattis jechoota, gaalewwan, himootaafi keeyyata seera affan sana eeggate qindeessuun barreeffama ergaa dabarsuu qopheessuu shakaluutu irraa eegama. Adeemsa kan keessatti barattoonni fedhii guutu-udhaan of fooyyeessuuf hin carraaqan yoo ta'e barreeffama gaarii barreessuu irratti osoo hin milkaa'in hafu jechuudha.

## 2.5. Wantoota Dandeettii Barreessuu Keessatti Danqaa Ta'an

Dandeettiwwan afaanii jiran keessaa dandeettiin barreessuu isa baay'ee ulfaataafi walxaxaa ta'edha. Sababni isaa barreessuun dandeettiwwan afaanii kanneen biroorra of eeggannoofi xiyyeeffannoo guddaa barbaada. Waan kana ta'eef ergaa barreeffamaan darbu tokko osoo xiyyffannoofi sirna barreeffamichaa hin eegin yoo barreeffamee dub-bisaadhaaf diyaate dubbisaan osoo ergaa sana hin hubatin hafa kun immoo waligalteen dubbisaa keenya faana goonu akka galma hingeenye godha. Adeemsa barreessuu kana keessatti wantoonni akka gufuutti ilaalaman isaan armaan gadiiti.

Isaanis, rakkoo sirriitti qubeewwan afaanichaa sirnaan qindeessuun caasaa afaanichaa isa xiqqaa irraa kaasee hanga isa guddaatti jiru; jechuunis dhamsaga irraa kaasee hanga keeyyataafi barruu guutuutti qindeessuuti. Kana malees, rakkoo sirna tuqaaleetti bakka barbaachisuufi bakka tajaajiluu danda'utti sirnaan itti fayyadamuufi. Rakkoo qub-guddeessatti bakka barbaachisutti sirnaan itti gargaaramuuti. Egaa akkuma walii galaatti qabxiwwan dandeetti barreessuu ulfaata taasisan jedhaman yaada hayyotaa bu'uureffachuun Seen-duubee qorannichaa jalatti kaafame akka kanaa gadiitti tokko tokkoon dhiyaa-taniiuru

### 2.5.1. Rakkoo Xiin-sammuu

Barreeffama tokko yemmuu barreessinu dubbisaan keenyaan waan qaamaan wal hin argineef carraa nuti dogoggora keenya irra deebinee sirreeffachuuf qabnu hinjiru.Akkasunas dubbisaan keenya bar-reessaa isaa waliin waan wal bira hinjirreef yaada isaaf ifa hintaanee gaafatee deebii battalaa argachuu hindanda'u. Haalli kun immoo xiin-sammuu dubbisaa keessatti dhiibbaa uumuu danda'a.

### 2.5.2. Rakkoo Xiinqooqaa

Dandeettii barreessuu keessatti rakkoon xiin qooqaa sadarkaa dhamsagaa irraa kaasee hanga ijaarsa keeyyataa bira darbee hanga barruu guutuutti mul'achuu danda.a. Kun immoo sadarkaa jechoota qindeessuun hima ijaaruufi himootaaqindaa.aniin immoo keeyyata ijaaruu irratti dhiibbaa guddaa gees-sisa.

### 2.5.3. Rakkoo Dandeettii Yaadota Qindeeffachuu

Dhalli namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti dandeettiwwan afaaniitti fayyadamee yaadaa isaa qindeeffachuun karaa barreeffatiin dabarfachuu keessatti rakkoo baa'yeetu isa quunnama.

Yaaduma kana akka Saaniyaan, (2022:*f*.16) irratti Nunan ,(1991) wabeeffachuun ibsitetti, "Barreessuu wantoota ulfaataa taasisan keessaa tokko namoonni baay'een qulqullina barreeffama isaaniif waan dhi-phataniif". Kun immoo filannoo jechootaa, gumee qopheessuu, tokkummaa himaafi walqabatiinsa yaadota keeyyata ijaaramuu irratti hubannoo gahaa osoo hiqabaatin barreeffama tokko barreessuun bar-baachisaa akka hintaane nu hubachiisa.

Gama birootiin dhimmi qorataa Xiinxala Rakkoo dandeettii barreessuu Himaafi Keeyyata Afaan Oro-moo barattoota Mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa 10ffaa waan ta'eef; maalum-maan himaafi keeyyataa; akkasumas faayidaa, gosoota isaa haala adda addaatiin qooduun ibsamuun akka kanaa gadiitti dhiyeesseera.

## 2.5.4. Rakkoo Sirreessuun Qubeessuu

Rakkoo barreeffama keessatti mul.'atu keessaa inni tokko qubeessuudha. Qubeessuun dhamsagoota afaan tokko keessa jiran haala seera afaanichaa eegeen qindaassuun jecha hiika qabu tokko ijaaruudha. Jechoonni hiika qaban kun immoo karaa sirriifi caasaa isaa eeggateen qindaa'uun hima qindoomina qabuufi ergaa guutuu dabarsuu danda'u kan seera afaanichaa eegee ijaaruu dandau. Akkasumas himoonni immoo karaa hiikaa qabeessa ta'eefi ulaagaalee himaa eggeen qindaa'uun keeyyata ergaa guutuu dabarsuu danda'uufi ulaagaa keeyyataa guute ijaaruu danda'u. Adeemsa barreessuu keessatti immoo Kun haala barbaachisuun hin taane taanan himaafi keeyyata seerotaa eeggate barreeffame qindeessuun dubbisaa yookaan dhaggeeffataa biraan ergaa dabarsuufii barbaanne biraan gahuun hidan-da'amu. Kanuma irraa ka'uun xiyyffannoon qorataa dhimma rakkoo dandeettii himaafi keeyata bar-reessuu waan ta'eef maalummaa, gosoota caasaafi ulaagaa himoota gaarii akkasumas maalummaa kee-yyataa, gosoota, amaloota,caasaafi ulaagaa keeyyata gaarii duraa duubaan waan sakkatta'aa barruutiin argate dhiyeessuuf yaaleera. Byrne,(1988)

## 2.6. Maalummaa Himaa

Maalummaa hima akka Adduyaa, (2017:*f*.265) ibsutti*, "Himni caasaa hundarra guddaa ta'ee kan ergaa guutuu tokko dabarsudha. Kana malees, kan hawaasa afaan Sanaa biratti qindoominni isaa fudhatama qabuufi tuqaadhaan goolabamudha. Kanaaf himni gama caasaatiinis ta'ee hiikaatiin kan-neen biro ni caala"* jechuudha. Yaada kana irraa kan nuti hubannu himni caasaalee afaanii warra kaanirra guddaafi ergaa ijoofi guutuu ta'e kan dabarsuufi tuqaadhaan kan goolabamu ta'uusaati. Dabalataanis Cook,(2003:*f*.26) yemmuu himaaf hiika kennu,''Sentence is defined as containg a com-pletes thought and was composed of subject about which something is said and predicate, about the

subject.jedha. Yaada kana irra kan hubatamuu danda'u, Himni ergaa guutuu dabarsuu kan danda'u, matihimaafi gochima kan of keessaa qabudha.

Haaluma walfakkaatuun Crystal, (1994:*p*.216)fi Lyons, (1968:*p*.194) yemmuu ibsan himni tokko yoo xiqqaate matihimaafi gochima qabaachuu qaba; jedhu. Bu'uuruma kanaan unkaalee xiinqooqaa xixxiqqaa waliin ta'uun caasaa isaaniirra guddaa tokko ijaarratu. Caasaa hundarra guddaa ta'e kan ergaa guutuu dabarsuu danda'u kun immoo hima jedhama. Kanaaf himni gama caasaatiinnis ta'ee, hiikaatiin kanneen biro ni caala jechuudha. Gama caasaatiin yoo ilaalle, miiltoon himaa gaalee maqaafi gaalee gochimaati. Kana jechuun himni tokko yoo xiqqaate gaalewwan hadhuura ta'an kana lamaan irraa ijaaramu jechuudha.

### 2.6.1. Qaamolee Himaa/body of sentence/

Himni tokko qaamolee gurguddaa lama of keessaa qaba. Isaanis: Gaalee maqaafi Gaalee guuttuuti. Gaalewwan kunneen hadhuura hima tokkooti. Akkasumas Gaaleen maqaa akka matimaatti Gaaleen guuttuu immoo akka kutimaatti tajaajiluu danda'a. (Addunyaa, 2016:*f*.95)

### A. Matimaa/Subject/

Matimni qaama himaa kan gocha tokko raawwatu yookiin kan waa'een isaa dubbatamu yoo ta'u, yeroo baay'ee tajaajila kanaaf kan oolan maqaa yookiin bamaqaadha.

### B. Kutima/predicate

Kutimni qaamolee himaa keessaa tokko ta'ee; matimaan achitti kutaa himaa isa hafudha. Kutaan himaa kun aantima kallattiifi alkallattii, gochibsaafi gochima of keessatti haammata.

### 2.6.2. Gosoota Himaa/ Types of sentence/

Himoota Afaan Oromoo bu'uura caasaafi tajaajilaatiin bakka garaa garaatti qoodamuu danda'a. Qooddii isaa kanas haala kanaa gadiitiin ibsuu dandeenya.

### 2.6.2.1. Gosoota Himaa Bu'uura Caasaatiin/Based on its strature/

Himoota Afaan Oromoo bu'uura caasaatiin bakka gurguddaa afuritti qooduu dandeenya.

Isaanis:

### A. Hima Salphaa/ simple sentence/

Himni salphaan kan hima of danda'aa tokkoofi gochima tokko qofaa qabudha. Haaluma kanaan caaseffama hilma salphaa Afaan Oromoo ilaalchisee:

Catherine, (2001,f.99) ''The normal word order of a main clause in Oromo is: subject. Object and verb.'' jettee ibsiti. Kun caaseffama leexaa haata'u malee; himoonni Afaan Oromoo karaa adda addaa

akka caseeffamuu danda'anis itti dabaluun ibsitee jirti. Caaseffama kana keessatti garuu aantimniifi gochimni jalqaba himaa irratti galuu hindanda'an. Karaa biraatiin matimniifi aantimni gochima gidduu galee hin caaseffamu. Kana malees, himni salphaan wantoota naannoo keenyatti argamaniifi jiruufi jireenya keessatti dhugaa nu quunnamuu danda'an kan himuudha. Yaaduma kana ilaalchisee Fileen.kitaaba isaa ''Seerluga Oromoo'' jedhu keessatti akka armaan gadiitti ibseera.

> *Dhugumeessa (affirmative) jechuun wanta dhugaa ta'e tokko yaada caasaa himaan ibsuu jechuudha. Kunis himoonni kana jalatti dhiyaatan gulummoo irraawwatamafi gocha nama tokkoon raawwatame kan ibsudha. Kana jechuunis gocha sana kan raawwateefi gochi sun kan irratti raawwatame jechuudha. Karaa biraa immoo gaaffileen dhugumeessaa yaada mormisiisuudhaan ijaaramuu ni danda'u.*
>
> *(Filee, 2015,f.174).*

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti himni eeyyamamaa mormii jalatti dhiyaatu gaaffii yookaan yaada dhiyaatuuf deebii hintaane yookiin ''miti'' dhiyeessa kan jedhudha.Kana malees,;

Addunyaan, hiikaafi caasaa hima eeyyamamaa akka armaan gadiitti ibsa.

> *Himamsi akaakuu leexihimaa ta'ee. Odeeffannoo yookiin laallee dabarsuuf kan fayyadudha. Himoonni kun kanneen tuqaadhaan xumuraman keessaa tokko yoo ta'u; fakkeenyi armaan gadii hubannoo keenya cimsa. Akaakuu himamasaa lamatu jiru.*
> *Isaanis:eeyyantaa (affirmative statement)fi hi'entaa (negative statement) jechuun addaan qooduu dandeenya. Kun hunduu odeeffannoo kennaniin garaagara.*
>
> *Addunyaa.(2012,f.273).*

Akka yaada kana irraa hubatamutti himni eeyyamamaa akaakuu hima salphaa ta'ee kan tuqaadhaan xumuramuufi akkasumas, odeeffannoo kennan irratti hundaa'uun eeyyamamaafi hi'entaa jedhamuun adda qoodamuu isaanii hubanna.

Dabalataanis, hayyuun Larsen Freeman, (1991) akaakuu hima salphaa keessaa raajeffannoo yoo ibsu, ''Exclamatory sentences show surprise and with an exclamation mark. They can begin with how'' Yaanni kun himni raajeffannoo dinqisiifannaa,aariifi jajuu kan ibsu yoo ta'u,dhuma isaa irratti mallattoo raajeffannoo (!) kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Kan malees; Addunyaan, (2012) himni kun kan yaada nama ajaa'ibu, gaddisiisu, gammachiisuufi

safuu kan ittiin ibdsanidha jechuun ibsa.

Fakkeenyaaf,

- Ani bade! Mana koo saaman!
- Maal garaan akkas waldhabe!,

- ❖ Ajab! Yaa qal’ina ishee!

Himoonni fakkeenya olii kana jalatti dhiyaatan kunneen hundinuu raajeffachuu agarsiisuuf kan-dhiyaatanidha.

Himni jalqabaa rifachuu agarsiisuuf kan dhiyaate yoo ta’u, kanneen itti aanan immoo dinqisiifannaa kan agarsiisanidha. Kanaafuu himni raajeffannoo raajeffachuu, jajuufi rifachuu agrsiisuuf kan tajaajilanidha.

Dabalataan hiika hima ajajaa ilaalchisee, Harmer, (1987) ‘’Imperative sentences usually do not have a subject, they are used to give instructions or commands. Akka ibsa kanaatti himni ajajaa qajelfama yookiin ajaja dabarsu yoo ta’u, matihimni isaa garuu kallattiin mul’achuu dhiisuu danda’a.

Akaakuu hima salphaa keessaa kan biroon hima gaaffiiti. Himni gaaffii waa’ee waan tokkoo odeef-fannoo barbaaduuf akaakuu himaa itti fayyadamnudha. Himni tokko mallattoo gaaffii ofirraa qabaannaan hima gaaffii jedhama.

Haaluma Kanaan jechoonni gaaffii keessatti argaman; kanneen maali? Yoomi? Attamitti? Eenyuuf? fi kan kana fakkaatan mallattoo gaaffiitiin kan xumuramanidha.

## B. Hima Dachaa/ Compuond sentence/

Himni dachaan kan himoota sasalphaa lamaafi isaa ol yookaan ciroo of danda’aa lamaafi isaa ol ta’uun hima tokko kan ijaaran jechuudha. Akka Hayyuun Halliday,M,A,K, (1994)tti, ‘’Acompound sentences refers to a sentence make up of two independent clauses or complete sentences connected to one another with a coordinating conjuctions.’’ Akka waraabbiin kun agarsiisutti himni dacha hima ciroo of danda’aa yookiin himoota sasalphaa lamaafi isaa ol of keessaa qabudha. Akkasumas, walqabsiistota of danda’oon kan walitti hidhaman ta’uu isaanii nu hubachiisa.

## C. Hima Xaxamaa /Complex sentence/

Himni xaxamaan kan ciroo of danda’aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa olirraa ijaaramuu kan danda’udha. Kana malees, Lammiifi kanneen biro,(1998) yaaduma kana yoo cimsan, himni xaxamaan ciroo of danda’aa tokkoofi ciroo hirkataa tokko irraa kan ijaaramanidha. Haaluma kanaan himni xaxa-maan ciroo of danda’aa adda addaa irraa walqabsiistota cirowwan walqabsiisuudhaan caaseffamuu ni danda’u.

Fakkeenyaaf;

- ❖ Erga Hirkoon deemee, Baay’isaan dhufe.
- ❖ Yemmuu bokkaan roobu aduun lixxeetti.

Himoonni xaxamoon fakkeenya armaan olii keessatti caaseffaman himoonni goolabaa muummichaa yookiin ciroo of danda'aafi hirkataan  walqabsiistota hirkataadhaan walqabsiifaman. Walqabsiistonni kunneen matima galima hirkataa dura yookiin booda caaseffamu. Lammiifi kaawwan,(1998)

### D. Hima Dachaa Xaxamaa /Compound complex sentence/

Akaakuun hima kanaa amala dachummaafi xaxamaa kan of keessaa qabu ta'ee, ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol akkasumas ciroo hirkataa tokkoofi isaa olirraa kan ijaaramudha. Itti dabaluun waraabbiin armaan gadiis yaaduma olii kana cimsa.

The compound complex sentence consists of two or more independent clauses and one or more dependent clauses. This syntatic shape is essential in representing complex relationship and so is frequently put to use in various forms of analytical writing.

### 2.6.2.2. Gosoota Himaa Bu'uura Tajaajilaatiin /Based on its function/

Himoonnii tajaajila isaanii irratti hundaa'uun bakka garaa garaatti qoodamuu.

### A. Hima Himamsaa/Declarative sentence or statement/

Himni himamsaa akaakuu himaa odeeffannoo dabarsuuf kan tajaajiludha. Himni kun kanneen tuqaadhaan goolabaman keessaa isa tokkodha.

Fakkeenya;

- ❖ Caaltuun obboleettii kooti.
- ❖ Afaan meeshaa walquunnamtii dhala namaati.
- ❖ Bishaan hallu dhabeessa

Akkuma fakkeenya olii kana irraa hubatamuun danda'amutti hiumni himamasaa odeeffannoo dubbisaan akka argatu barbaanne kan ittiin dabarsinudha.

### B. Hima Gaaffii/ Introgative statement/

Himni gaaffii kan waa'ee waan tokkoo odeeffannoo argachuuf kan dhimma itti baanuufi mallattoo gaaffiitiin kan goolabamudha.

Fakkeenya;

- ❖ Adaamaan Finfinneerraa gara kallattii kamitti argamti?
- ❖ Daandiin gara Yuuniivarsiitii Jimmaa geessu isa kami?
- ❖ Waraqaa eebba keetii yoom dhiyeessita?

Himoonni fakkeenya armaan olii jalatti dhiyaatan himoota gaaffii odeeffannoo barbaannu tokko argachuuf kan nugargaarudha.

### C. Hima Raajeffannoo/Exclamatory statement/

Himni raajeffannoo hima waan tokko raajeffachuuf, dinqisiifachuuf, jajuufi, rifachuu agarsiisuuf kan gargaaruufi mallattoo raajeffannootiin(!) kan goolabamudha.

- ❖ Ajab! Hojii Rabbii!
- ❖ Jireenyi bara kanaa raajiidha!
- ❖ Nan badeka! Mana koo saaman!

### D. Hima Ajajaa/Comand statement/

Himni ajajaa akkuma maqaa isaaraa hubatamu kan akka qaamni yookiin namni tokko gocha wayii akka raawwatuuf ajaja dabarsuuf kan gargaaruufi dhumni hima kanaas mallattoo ajajaatiin kan goolabamudha.

- ❖ Ka'i balbala sana cufi!
- ❖ Uffata kana yeroodhaan miicci!
- ❖ Dafii! hoji manee kee hojjedhuu xumuri!
- ❖ Xalayaa kan Waajjira Barnootaatti geessi

Egaa akkuma fakkeenya oliirraa hubatamuun danda'amutti himni ajajaa qaamni yookiin namni tokko gocha tokko akka raawwatuuf erga dabarsuuf kan tajaajilu ta'uunsaa hubatamee jira.

## 2.7. Ulaagaa himoota seera himaa eeganii barreeffamani

Himni tokko haala seera himaa eegeen barreeffamuufi ulaagaa isaa guutuuf wantoonni himicha keessatti hin barbaachifne keessaa haqamuu qabu. Kana gochuuf immoo ulaagaa himni tokko guutuu qabu beeknee wantoota dubbisaa keenya akka ergaa keenya hin hubanne taasisan; jechoota, gaalewwan, walqabsiistotaafi sirna tuqaalee bakka hinbarbaachifnetti galan adda baafnee keessaa haquu qabna. Yaaduma kanaan walqabatee; Joy Llittle, (1985:*p*.47-56) akka ibsutti kanneen hima tokko keesstti galanii himicha fudhatamummaa dhabsiisan keessaa haquuf qabxiilee armaan gadii lafa kaa'eera.

- ❖ Himni tokko ulaagaa qabaachuu guutuu qaba malee; himni ergaa hindabarsine akkasumaan akka hin barreeffamne ittisuudha.
- ❖ Jechoota yookaan gaalewwan narraa habahuu irra deddeebiin himicha keessa galan keessaa haquu
- ❖ Jechoota hima sana keesstti dubbisaa jeequ yookaan nuffisiisuu keessaa haquu

Dogoggora himaa ilaalchisee; Ch,Kranzke,(1995*:p*.87), Joy Little,(1985.*p*550-568), Edward. E.Wilsn fi kanneen biro (2004*:p*.500-510) qabxiilee armaan gadii eeru.

- ❖ Himoota wal hinqabanne ( sentence frgments): himni kun garee jechootaa ta'ee ergaa guutuu kan hin dabarsinedha. Innis odeeffannoon barbaachisu kan keessaa hafedha. Gama biraatiin immoo matima qabaatee gochima kan hinqabne ta'ee akka ciroo hirkataatti kan dhaabbatudha.
- ❖ Himoota wal hidhiinsa hinqabne (run- on sentences): himoota osoo ergaa hindabarsin walitti qabamanii dhaabbatanidha. Kana jechuunosoo waa'ee waan tokkoo hin xumurin kan birootti kan dar-budha. Yeroo himoonni lama osoo sirna tuqaaleen yookaan walqabsiistuun walitti hin hidhamin kan ijaaramanidha.
- ❖ Ibsitoonni yookaan miiltoon bakka malee taa'uu( misplaced modifire): Jechoota yookiin gaalewwan, ibsa maqaafi ibsi xumuraa kan ta'an bakka malee galuun ergaa darbuuf malu irratti dhiibbaa waan fi-daniif of eegganoo gochuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.
- ❖ Waa'ee wal simannaa matimaafi gochimaa (subject-verb agreement): Matima qeenxeen gochima qeenxee faana wal simachuu qaba malee; matimni danuun gochima qeenxee wajjin deemuu hin dan-da'u.

**Fakkeenya:**

Isheen deeman**. X**

Isheen deemte.√

- ❖ Matima dachaa fayyadamuu dhiisuu (double subject): Matima booda bamaqaa yoo fayyadamne abbaan dhimmaa himichaa beekamuu dhiisuu danda'a. Waan kana ta'eef of eeggannoo gochuu qabna.

Fakkeenya: Manneen sun isaan dhagaadhaan ijaaraman. X

Manneen sun dhagaadhaan ijaaraman.√

Akka Ch. Kranzke,(1995*:p*.371) jedhutti gulaaluufi mirkaneeffanna dubbisaa ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsa.

A. Caasaa himaa /sentence stracture/:

- Himni sun ifaafi guutuu ta'uu qabaachuu
- Daangaa himaa eegee barreeffamuu
- Haalli jalqabbii himichaa kallattii kamiin ta'uu akka qabu

B. Sirna tuqaalee / panctuation/

- Dhuma hima sanaatti; tuqaa, mallattoo gaaffii, raajeffannoo moo kamiin xumuramuu akka qabu beeku

.C .Qub-guddeessa /Capitalization/ Himichi qub-guddeessaan eegaluu isaa mirkaneeffachuu

.D. Akkaataa hima keenya itti fayyadamnu

.E Itti fayyadama qubee yookiin dhamsagaa : Dhamsaga itti dabaluun yookiin hir'isuun jijjiirama hiikaa waaan fiduuf of eeggannoo gochuufi kan kana fakkaatan.

## 2.8. Maalummaa Keeyyataa

Himoonni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuura tokko dabarsan irraa kan ijaaramu keeyyata jedhama. Akka Zemach and Rumisek ,(2005, *f*.11) jedhanitti keeyyata jechuun tuuta himootaa ta'ee waayee mata duree tokkorratti kan xiyyeeffatudha.

Himootni keeyyata kunis yaada barreessaa sanaa kan calaqqisiisanidha. Gama biraatiin, keeyyatni tuuta himoota wal deeggaranii yaada mata duree tokkoo ibsanidha. Tokkon tokkoo himaas yaadrimee walii isaanii Kan calaqqisiisaniifi waayee mata duree Sanaa haala ibsuu danda'uun kan gabbisudha

Bonet, (1991, *f*.71). Akka Yule, (1996) ibsutttti keeyyata karaa walitti hidhuun barreeffame yoo xiqqate hima shan of keessaa qabachuu qaba.Tokko tokkoon keeyyaticha waa'ee hima kanaa yaada ijoo tokko bal'isee dubbata yoo keeyyatichi qindoomina qaba jedhama.

Dabalataanis; tokko tokkoon keeyyatichaa hima keessatti osoo kan biraatti hin cee'iin dura dhimma ijoo qabatee jiru goolabuu qaba. Karaalee jechoonni kunnin itti walqunnamsiifamun jecha adda ta'e fayyadaman ceesiistu jedhama.

Keeyyanni qindoomina himoota waldeeggaruun waa'ee dhimma ijoo tokkoo ibsaniiti. Haaluma walfakkaatuun:

Addunyaan, (2016:*f*.147),"Keeyyanni tuuta himootaa ta'ee; kan yaada ijoo yookaan hadhuura ta'e

tokko babal'isuu, ibsuufi seeraan qindaa'udha," jedha.

Akkasumas Yohaannis, (1966:*f*.277) "keeyyanni tuuta himoota irraa kan ijaaramu ta'ee waa'ee dhimma ijoo tokko qofaa kan dubbatu, ibsu, addeessu, amansiisuuf yaalufi seenessudha." jedha. Yaaduma kanaan kan walitti dhiyaatu Geetaachoo, (2008:*f*.119) yoo ibsu immoo "keeyyanni walitti qindaa'ina himootaa ta'ee yaada handhuuraa tokko kan dabarsuudha." jedha.Itti dabaluunis, hayyuun kan biraas hiika keeyyataa jechaafi himaan wal bira qabuun yoo ibsu. Fakkeenyaaf, Rorabacher (1965:170) akka armaan gadiitti ibsuuf yaaleera.

"*Jechi kutaa yaada isaa xiqqaadha. Himni immoo garee jechootaa sana walitti fiduun yaada guutuu kan ibsu yoo ta'u, keeyyanni immoo garee himootaa yaada gabbisaniiti. Dhaamsi kitaabaas ta'e kan*

*barreefamaa kana irra adda hinta'u*" jedha. Yaada kana irraa wanti nuti hubannu keeyyatni ergaa barreeffamaatis ta'e, kitaabaaf bu'uura ta'uu isaati.

Kana malees, himoonni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuura tokko dabarsan irraa kan ijaarramu keeyyata jedhama.

Geetachoo, (2006:*f*.117). Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu yeroo baay'ee jechi jalaqabaa bitaa gara mirgaatti xiqqoo keessaa seenun jalqabama. Garuu yeroo dhiyoo keessaa barreeffama adda addaa

Irraatti gara keessatti xiqqoo seenuun barreessuu dhiisuun sarara haarawa irratti jalqabuun gahaa

akka ta'eefi itti hojjatamaa jiraachuun baratamaa dhufee jira.Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu dura duuba gochaa eeguudhaan barreeffama. Kana malees dabalataan daangaa yaada haandhuura/ topic sentence/ qabaachuun, jechoota dhibbaa (100) yookiin himoota torba hanga kudhanii kan of keessatti qabateefi himni tokkollee keeyyata tokko ta'uu akka danda'uu dha.

Itti dabalees;

Akka Kaarol, (1990:*p*.127) *Asuccessful paragraph begins with a main idea. This idea is explained, developed and reinforced in the paragraph, with evidence provided. Sentences flow smoothly, connecting to each other and to the essay as a whole. Effective paragraphs help your reader to follow your line of reasoning or your argument* jette turte.

Kunis, keeyyanni gaariin hima ijoon eegala. Yaada hima ijoo keessa jiru ragaa dhiyeessuun ibsuu, walqabsiisuufi walfudhachisuu akkasumas walirratti ijaarramee deemu qaba.

Adeemsa Keeyyata barreessuu keessatti keeyyanni yoo wal-qabatiinsa, wal-duraa duuba dhufiinsafi tokkummaa himoota hin qabne ta'e, keeyyanni sun keeyyata osoo hin ta'in salphumatti barreeffama himoota waraqaarraatti barreeffame ta'a. Yaada ishee itti fufuudhaanis, keeyyata jechuun walfaanoonnii himootaa wal-qabatoo ta'an kan akka hima ijoo ta'aniifi himoota callaati. Fakkeenyaaf keeyyata himoonni itti aanan dhufan hima ijoo kan gabbisan jechuun ibsuun ni danda'ama. Dabalataanis, Akka Getaachoon, (2006:*f*.79-80) ibsetti keeyyanni himoota haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuuraa tokko dabarsan irraa kan ijaaramudha. Itti fufuudhaanis, hima ijoo jechuun keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti hammatee kan qabatee dha yookaan himoota keeyyata sana keessa jiran keessaa hima dimshaasha kan ta'ee fi yaada handhuuraa kan qabate jechuun yaada isaa kaayee jira.

Irraa caalaan keeyyata kan ijaarramu hima ijoo, hima callaafi himaa xumuraa irraayi. Hima ijoo jechuun yaada yookiin ergaa keeyyatichaa kan qabuu dha. Himni ijoo kun yeroo baay'ee hima waliigalaa jedhama. Sababni isaas, dubbistoonni wa'ee isaa akka sirritti duukaa bu'an waan godhuufidha. Yeroo baay'ees kan argamu jalqabaa keeyyata irratti yoo ta'u dubbistonni salphumatti akka yaada isaa beekan gargaara. Himaa callaan immoo dhimmoota mata durichaa yookiin hima ijoof ragaa adda addaa

dhiyeessuun deeggarsa kennanii dha. Yeroo barreeffamanis duraa duubaa eeguun kandhufani dha.

Hima xumuraa immoo himoonni ijoofi callaa wa'ee waan tokkoo erga ibsaniin booda dhuma irratti jecha ciccimoo ta'een kan itti guduunffamuudha.

### 2.8.1. Amaloota Keeyyataa

Akka Mccrimon ,(1963:69) jedhutti, "keeyyatni tokko gaariidha kan jedhamu himootni keeyyatichaa bifa ifa ta‟een yoo ijaaramanii dalagaa isaanii sirriitti raawwachuu danda‟aniidha.

Ijaaramni yookiin qindominni himootaa sun dhimma ka'eef sana gabbisee dubbisaa kan hawwatu ta'uu qaba."Keeyyanni tokko dhiibbaa walfakkaatu akka uumuuf amaloonni qabaachuu qaban: tokkummaa, guutummaafi walta'iinsadha.

Kaayyoon barreeffama keeyyataan qooduun barbaachisuuf dubbisaan akka hubatu gochuu, ergaa qindaa'aa seera keeyyataa guute dhiyyeessuufi barreeffamichi tokkummaa akka qabaatu gochuudha. Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jennuu himootni keeyyata sana keessatti argaman hunduu waa'ee dhimma ijoo tokko qofa kan odeessan yoo ta'eedha.

Himni ijoofi himni callaan walsimannaa qabaatanii sagalee tokkoon dhimmuma tokko qofaa kan dubbatan ta'uu qabu. Keeyyata tokko keessatti himoota qindoomina qabanitti fayyadamuun yaada keenya ragaafi fakkeenyaan deeggaruu ijaaruu, sanaan hiriirsinee ergaan keenya akka hubatamu yoo goone xiyyeeffannaa keeyyataa jedhama.

Himootni kaayyata tokko keessa jiran walqabatanii gara kallattii tokkootti yoo yaa'an keeyyatichi waalta'aa jedhama. Walta'insi dubbisaan yaada keenya bifa salphaa ta'een hima tokko irraa isa gara birootti akka ce'uuf gargaaruiyyuu, waldhabiinsi yaadaa gaaffii uumuu, irra utaaluufi qabxiin hafu akka isa hin quunnamneef ni gargaara. Dabalataanis walqabsiistoota bakkaafi haala barbaachisummaa isaaniitti fayyadamuun ni barbaachisa.

#### 2.8.1.1..Madda Hanqina Keeyyata Barreessuu

Hanqina keeyyata barreessuu barattootaaf madda kanneen ta'an hedduuti jiru. Kanneen keessa: **Tokkoffaan:** Shaakala gahaa dhabuu: Keeyyata barreessuun ogummaa shaakala gahaa barbaaduudha. Kana ilaalchisee Italo, (1999) "Paragraph writing is a skill and the best ways to learn any skill would be to practice it. To become best driver, the best way is to drive." Akka yaada kanaatti barreessuun dandeettiidha Karaan baay'ee filatamaan dandeettii barreessuu itti gabbifatan immoo shaakaluudha, kan jedhu cimsee ibsa. Kanaafuu, keeyyata gahaafi gaarii ta'e tokko barreessuuf barattoonni daree barnootaa keessattiifi dareen alaatti shaakala gahaa akka gochuu qaban taasisuun filannoo osoo hinta'iin dirqama hojichi gaafatudha.

**Lammaffaan:** Sodaa waa barreessuu: Barattoonnii tokko tokkoo nandogoggora jedhanii waan yaadaniif waa barreessuu ni sodaatu. Yeroo hojiin barreeffamaa daree keessatti latamuuf barattoonnii sodatan ni jiru. Sodaan kun akka isaan caalaatti dogoggora uumaan isaan godha. Kana ilaalchisee

Pajaresfi Johnson, (1994), "Learners could be affected with the understanding of the fact that writing anxiety clearly and negatively affects their writing performance." Yaanni waraabbii olii kanarra hubannus kanuma cimsa.

**Sadaffaan:** Yaad-deebiin gahaan gama barsiisaa yookiin namootan barreeffama barattoota kanaa dubbisanirraa kennamuu dhabuudha. Keeyyata gaarii barreessuun shaakala waan barbaaduuf barsiisota, hiryootafi angafoota irraa yaad-deebii gahaa fudhachuun barbaachisaadha. Yaad-deebiin barattootaaf kennamu keeyyatni isaan barreessan seera keeyyataa kan eege akka ta'uufi akka fooyyeessanii barreessaniif isaan gargaara. Kanneen biroo hanqina keeyyata barreessuu barattootaaf madda kan ta'an dhiba'ummaafi hanqinna seer-luggaa sirri fayyadamuu dhabuunis rakkoo isa biraa ta'eera

## 2.8.1.2. Dandeettii himaafi keeyyata barreessuu keessatti rakkoolee barattoota mudatan

Afaan barachuurratti rakkoo uumamu ilaalchisee yaadota bu'uuraa lamatu jiru. Lihuul, (1997). Garaa-garummaan yaadota kanaas haala uumama rakkoo kanaarratti, yaadaa adda addaa calaqqisiisuun kan ka'edha. Yaanni tokkoffaan, barataan tokko haala barbaachisaa ta'eefi mala barsiisuu gaarii ta'een yoo barate hanqina yookiin dogoggora barreessuu uumuu isaa xiqqaa ta'uu danda'a; yaada jedhurraa kan maddedha. Kanaafuu, dogoggora yookiin hanqinni uumamu kun mala yookiin tarsiimoon barsiisuu gaarii ta'e dhibuu isaarraa kan madde ta'uusaati jedhu. Haaluma walfakkaatuunis, madda hanqina dandeettii barreessuu barattootaa kan ta'e, barataan sun haala barbaachisaa ta'een xiyyeeffannoo itti kennuun barachuu dhabuurraan kan ka'e ta'uusaatu amanama.

Yaanni lammaaffaan ammoo kanarraa adda kan ta'edha. Innis jiraachuu rakkoo dandeettii barreessutti amanuudhaan gara adduunyaa qulqulluu ta'e keessa jiraachuun waan hindanda'amne kan jedhudha.Kanaafuu barattoonni rakkoo dandeettii barreessuu uumuun isaanii adeemsa barreessuu keessatti kan jiruufi waan hin hafnedha yaada jedhudha.

Corder, (1974:120) Madda hanqina dandeettii barreessuu ilaalchisanii namootni murasni yaada tokko tokko nikaa'u. Innis; Lihuul (1997), Johnson (1988:*p*.90) wabeeffachuun akkasitti ibsa. Gosoota hanqinaa yookiin dogoggoraa irratti xiyyeeffachuurra, sababni yookiin madda akka barattootni dogoggora kana uuman taasise maalidha kan jedhu beekuun barbaachisaadha jedha. Akka yaada kanaatti barattootni afaan baratan yoo xinnaate sababa lamaan dogoggora uumuu danda'u.

Sababoota kana keessaas:

**a.** Barattootni seer-luga afaan baratan sanaa irratti beekumsa gahaa dhabu isaanirraan kan ka'e dogoggora yookaan rakkoon barreessuu uumamuu danda'u kan jedhudha.
**b.** Afaanichaan sirriitti shaakaluu dhabuufi itti fayyadamuu dhabuu dha. Dogoggorri akkasii kan inni walfakkaatu, haala farda itti gugsan osoo qabanuu fardicha ammoo sirriitti gugsuu dadhabuu

jechuudha. Kanaafuu , maddi hanqina kanaa hanqina beekumsaa qabaachuu osoo hintaane, hanqina shaakalaa yookiin afaanichatti haala barbaachisaa ta'een fayyadamuu dhabuutti jechuun yaada isaa ibsa. Lihuul ,( 1997:*f*.8).

Haata'u malee, gama beektota hedduutiin yaadni ilaalcha kana faallessu nika'a; Innis.; John Atkinsfi hiriyyanni isaa sababa rakkoo dandeettii barreessuu tarreessuun, hanqinni uumaman kun kan abdii nama kutachiisanfi fala hinqabne osoo hinta'iin, adeemsa barachuu keessatti mallattoo sadarkaa tokkoo ta'uusaa ibsu.

Gama biraatiin immoo, madda rakkowwan dandeettii barreessuu barattootaa ta'uu danda'u kan jedhu; Lenzarry,(1991:*p*.1) akka armaan gadiitti tarreesseera

- Hanqina yeroo gahaa barattootni maatii yookiin haadhaafi abbaa isaan gar-gaaruu danda'an wajjin kan walqabate.
- Dhiibbaa televizyinii yeroo hunda daawwachuu (watching films)
- Kitaabaa gahaa gahaan manneen barnootaa keessa dhabamuu
- Mana barumsaa walitti fufiinsaan hordofuu dhabuu, /Oolmaa baay'isuu)
- Rakkoo adda bahinsaafi jeequmsa maatiitiin kan walqabate,
- Hanqina walitti dhufeenya yookiin hariiroo cimaa dhabuu maatiifi mana barumsaa jidduu jirudha jechuudhaan yaada isaa ibsa.,Lenzarry, (1991*:p*.1)

Haaluma walfakkautuun, hojiin barreessuu namoota hedduuf afaan kamiinuu keessatti baay'ee rakkisaa ta'uusaa Byrne, (1988) ni ibsa.

### 2.8.1.3. Adeemsa Dogoggora himaafi keeyyata Barreessuu itti Sirreessan

Adeemsa dogoggora barreessuu itti sirreessan yaaxinoota gurguddoo lamatu jiru.

Isaanis: kan garee warra amaleessitootaafi warra dogoggorri adeemsa keessa bada jedhaniiti. Haata'u malee, gareen lamaanuu yoo ilaalamu bifa kallattiitiinis ta'e alkallattiitiin dogoggorri sirreeffamuu akka danda'u yaada isaani kaa'u. Gara sadarkaa yaadaatti yoo gadbu'amee ilaalame ammoo namoonni garaagaraa adeemsota adda addaa ibsu. Adeemsa dogoggora irraa of fooyyessuu yookiin sirreeffachuun barressuu keessatti qaphxiileen akka seerota qubeessuu afaanichaa, haala dubbisuu sirrii, xiyyeeffannoon barreessuu, beekumsa xinsagaa, birsagaafi xinjecha afaanichaa, caasaa himaafi keeyyataa qabaachuun barbaachisaa ta'a.

Lunsford, (1989; Kelly, 1998 ).

Gama biraatiin, Glencoe (2001:*p*. 832 ) yoo ibsu, "*One of the best ways to become a good speller is to be an avalid reader; the more you see a word the better you rember it*," jedha. Yaadni kun yoo ilaalamu namni baay'ee dubbisu yeroo waa barreessu qubee dogoggoruu irraa bilisa ta'uu akka danda'u agarsiisa. Qabanni isaa yeroo waan baay'ee dubbisu sana jechoota bifa

adda addaafi caasaa garagaraan ijaaraman arga; yaadattis qubachuu danda'a. kanaaf, yeroo barreessu jechoota kana dura yeroo dubbisu sana arge waan yaadatuuf sirriitti qubeessuu danda'a jedhame amanama.

Crystal (1997*:p*:215) yaada Glencoe, (2001) kana mormuudhaan yoo ibsu, "… good readers do not always make good writers… there are many people who have no difficult in reading but who have a major persistent handcap in spelling." Jedha.

Yaadni olitti waraabame kun yoo ilaalamu, namni baay'ee dubbisu yeroo hunda barreessuu irratti cimaa ta'uu dhiisuu akka danda'udha. Crystal,(2001) yaada kenne keessattis ragaa dhiyeessuudhaan hubachiisuuf yaalii godheera. Innis, namoonni baay'een dubbisuu irratti rakkoo kan hinqabne ta'anii garuu barreessuu keessatti dogoggorri qubeessuu cimaan kan isaan mudatu ta'uu ibsa kanaaf, walitti hidhamsi dubbisuu, barreessuufi sirriitti qubeessuu gidduu akka hinjirre ibsa.

Haata'u malee, yaadonni walmorman kunniin lamaan yoo gadfageenyaan ilaalamu, dubbisuufi barreessuun guutummaa guutuutti walitti dhufeenya hinqaban jechuun hindandaa'amu. Namoota muraasaaf, walitti dhufeenya qabaachuu dhiisuu danda'a. Kana ammoo akka yaada waliigalaatti kaa'uun waan ulfaatu fakkaata. Irra caalaa yoo ilaalamu waan baay'ee dubbisuufi sirriitti barreessuun walitti dhufeenya qaban fakkaata. Qabanni isaa, namni baay'ee dubbisu beekus beekuu baatus; beekumsa afaan sanaa hanga tokko gabbifachuun isaa hinoolu. Akkasumas Xiinqooqa afaanichaa adda baasee beekuus dhiisuus danda'a.

Karaa biraan, haala sirriitti qubeessuu fooyyeffachuuf beekumsa jechootaa gabbifachaa adeemuu, hiika jechoonni gareen ta'anii kennaniifi walitti dhufeenya isaaniifi hiika jechoonni kennaniifi qubeessuu isaanii walsimsiisanii barreessuu danda'uun barbaachisaadha.

Yaadum kana cimsuuf, Diyann and Hoyii, (1998:*p*.517),"To improve your spelling while increasing your vocabulary, learn the meaning of words in claster to discover the relation ship among words and to connect the spelling of words with their meaning," jedha.
Yaada kana irraa akka hubatamutti; adeemsa baarreessuu fooyyessuuf jechoota kee osoo guddistuu, hariiroo jechoota gidduu jiru argachuuf akkasumas jechootaa hiika isaanii wajjin walqabsiisuuf hiika jechoota waliti qindeessuun baradhu. .
.Fakkeenyaaf, namni tokko meeshaa ittiin barreessan kan bakka bu'u barreessuuf jedhee

„kophee‟ yoo jedhe hiika waliin walitti hinqabanne. Kanaaf, of fooyyessee „Kobbee‟ jechuu qaba jechuudha.

Kanaafuu Crystal, (1997:*p*.215) yoo ibsu, *" Spelling is a more conscious, deliberate process which requires awareness of linguistic structure and a good visual memory, to handle the*

*exceptions to the regular patterns*," kan jedhu. Yaadni kun qubeen yookiin barreessuun adeemsa caalaatti dammaqaa, itti yaadamee kan hubannoo caasaa afaaniifi yaadannoo mul'ataa gaarii barbaaduu; kanneen akkaataa idilee irraa ala ta'an qabachuufi. .

Kunis, caasaa jechichi yeroo sanatti barbaadu guutanii barreessuuf gargaara. Kanneen caasaa isaanii bifa caasaatiin qabachuu hindandeenye ammoo qobaatti guuruun akkaata yaadachuu danda'anitti qabachuudha.

Kana malees; Shaw ,(1978:*p*.186) ammoo adeemsa dogoggora qubeessuu yookaan barreessuu fooyyessuu irratti yaada isaa yoo ibsu,

"*The first and most important step in correct spelling is to have the desire to learn, really to want to become a competent speller. The second is to devote the necessary time to learning,"*

Yaadni waraabame kun akkaa ibsutti, qubeessuu sirrii keessatti tarkaanfiin jalqabaafi barbaachisaan fedhii barachuu qabaachuudha, dhuguma barreessaa gahumsa qabu ta'uu barbaaduudha. Inni lammataa immoo yeroo barbaachisu barachuuf kennuu dha.

## 2.8.2. Qaamolee keeyyataa

Himoonni keeyyata tokko ijaaran tajaajila isaanii irratti hundaa'uun hima ijoo, hima gargaartuufi hima goolabaa jedhamuun qoodamu. Isaanis tokko tokkoon yemmuu ibsaman;

### A. Hima ijoo

Himni ijoo yaada hadhuura ta'eefi dimshaashummaa qabu tokko kan dhiyeessudha. Himni ijoo kunis keeyyata keessaa gara jalqabaa yookaan gidduutti yookaan gara dhumaatti argamuu danda'a. Kana jechuun keeyyanni tokko himaa ijoo tokko qofa akka qabuufi bakkewwan eeraman keessaas bakka tokko qofaatti argamuu danda'uusaatti. Kana malees, yaada kanaan walqabatee himni ijoo barbaachisaa ta'uusaa kan ittiin addan baasnu qabxilee barbaachisoo ta'an, Alamuu, (2008:20-27) yoo ibsu,

- Waa'een keeyyata sanaa dubbisaaf akka ifa tahuuf gargaara.
- Yeroo baay'ee jalqaba irratti argama.
- Kallattii dubbisaan barreessaa hordofu karaa agarsiisa.
- Ilaalcha barreessaan yaada barreessuuf jedhu sana kan of keessatti ibsudha.
- Himoonni callaan kan keessaa burqanidha.
- Abbaa dhimmaa (subject)fi wanta irratti xiyyeeffatamu kan hubachiisuudha.

### C. Himoota Callaa /Gargaartuu/

Himoonni callaa yaada ijoo yookaan hadhuura ta'e tokko karaa adda addaatiin babal'isuu, ibsuufi fakkeenyaan deeggaranii dhiyeessuun kanneen keeyyata tokko keessatti dhiyaatanidha. Akkasumas gaaffilee hima ijoo nkeessatti ka'aniif deebii kenna. Kana malees; yaada dimshaashaa haqaan, fakkeenyyaafi yaadolee amansiisaa ta'aniin deeggaruun kan addeessuudha.

Haaluma kanaan;Addunyaan,(2014:148) akkam ibsutti ''Himni callaan yaada hadhuura ta'e tokko karaa adda addaatiin babal'isuu, ibsuu, qoqqooduu, fakkeenyaan deeggaruufi kanneen kana fakkaatani-in raawwachuun kan keeyyata tokko keessatti dhiyaatanidha.'' jedha. Walumaa galatti akkuma yaada olii kana irraa hubatamutti himni callaan kan odeeffannoo ijoofi hadhuura ta'e waa'ee mataduree bar-reeffamee sana irratti bal'innaan dhiyeessuun dubbisaa hubachiisu ta'uu isaati.

### C. Himoota Goolabaa

Himoonni goolabaa kanneen yaada dimshaashaa hima ijootiin tuqame,yaadolee murtaa'oo himoota gargaartuutiin dhiyaatan cuunfuun kan dhiyeessudha.

## 2.8.3. Ulaagaalee Keeyyata Gaarii

Ulaagaa keeyyanni gaariin tokko ittiin madaalamuu qabu kanneen armaan gadiiti. Isaanis: tokkummaa wal'taiinsa guutummaafi tartiiba sirrii qabaachuusaatiin.

### A. Tokkummaa

Tokkummaan hariiroo hima ijoofi himoota kanneen biro keeyyata tokko keessatti argamaniin walqabata. Haaluma kanaan keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaada hima ijoo keessatti dhiyaate himoonni gargaartuufi himni goolabaa yoo tumsanidha. Haaluma kanaan keeyyanni tokkum-maa qabu dubbistoota hin rakkisu akkasumas dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dub-bisan, haaluma salphaa ta'een hubatu. Kana jechuun salphaatti yaada isaa hubachaa keeyyata tokkorraa gara keeyyata biraatti akka ce'an isaan taasisa. Barruun tokkummaa hin qabne garuu dubbisuudhaaf nama rakkisa. Kanamalees, dubbistoonni kaayyoo barreeffamichaa hubachuu akka hin dandeenye taasisa. Crimmon. (1963).

### B. Walta'insa

Keeyyanni tokko keeyyata gaarii jedhamuuf, ulaagaa inni guuttachuu qabu keessaa inni biro wal'tainsadha. Walta'iinsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu, himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokkoo yoo ibsanidha. Haaluma walfakkaatuun, keeyyanni tokko haala gaariin qindaa'ee wal-duraa duuba isaa eegee yoo dhiyaate walta'insa qaba jedhamuu danda'a.

Broadmanfi Frynberg, (2008) keeyyanni tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaanii hubachuu dan-da'aniin qindaa'uu qaba. Kunis yaadonni keeyyaticha keessatti dhihaatan walta'iinsa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraaduuba isaanii eeganii qindaa'uu qabu.

Diyanifi Pat, (1998), Yaada armaan olii yoo cimsan keeyyanni akkaataa nama amansiisuufi hubachiisuun qindaa'ee, keeyyata walta'iinsa qabu ta'uusaati. Akkasumas, walqabsiistota kanneen yaada keeyyata tokkoo walitti ijaaraniin duraa duuba yaada isaaniitiin yoo walqabatanidha.

Fakkeenyaaf kanneen akka ammo, kanaaf haata'u malee,kana maleefi kan kana fakkaataniifi sirni tuqaalee barbaachisu bakka barbaachisutti galuu qaba. Addunyaa, (2016:150).

## C. Guutummaa

Guutummaan keeyyata tokkoo eegamuun galma ga'uu ergaa darbuu barbaadame tokkootiif gummaacha guddaa qaba. Kana jechuun, yaanni hima ijoo keessatti dhiyaatu tokko ibsamee fakkeenya barbaadamuun deeggaramee xumuramuu qaba. Kana ta'uu baannaan, hanqina tokko uumuun hubannaafi miidhaginatti gufuu ta'a. Keeyyanni guutummaa qabu kan beekamu, ergaa yookiin yaanni barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti akka hubatamu yoo ta'eedha Kellyfi Lawton,( 2006).

## D. Tartiiba

Ttiibni ulaagaa keeyyataa keessaa isa tokko ta'ee, haala odeeffannoo keeyyata tokko keessatti dhiyaatu kan ilaallatudha. Keeyyanni tokko bakka, yeroofi faayidaa bu'uureffachuun bitaadhaa gara mirgaatti akkasumas, irraa gara jalaatti ibsuun dhiyeessuu danda'a. Keeyyanni tartiiba bu'uureffachuun barreeffamu tokkos isa faayidaa guddaa qabu dura fiduun gara isa faayidaan isaa muraasa ta'eetti ibsaa deema.Walumaa galatti ergaa keeyyata haalaan hubachuufi dubbistoota hawwachuuf tartiiba wantoota dhiyaatanii eeganii barreessuun barbaachisaadha.

## 2.9. Gosoota Keeyyataa

Keeyanni barreeffamu waan adda addaa irratti waan ta'eef akaakuun isaas garaagara. Asirratti wanti hubatamuu qabu gosa tokko kan biroo irraa dangaan asi jedhamee jala sararame hin jiru. Akka waligalatti Geetachoon, 2014:*f*.126) gosoota keeyyataa tajaajila isaa irratti hundaa'uun bakka garaa garaatti qoodeera.

Isaanis:

### A. Keeyyata Addeessaa/ Expository Paragraph/

Keeyyanni addeessan bifa lamaan ibsama. Innis:Wanta tokko akkuma jirutti ibsuu yommuu ta'u; wanta jiru sana jechootaan bakka buusuun ibsuu yookiin addeessuu jechuu dha.Inni biroo immoo waan argine akka dhageettii yookaan miira keenyaa tuqeetti barreessuun addeessuu dha. Kana yoo jennu wantoota, ta'insota, gochoota, akka arginee nutti dhagahameetti barreessuun namni biroo akka keenyatti akka hubatu jechootaan suuraa sammuu namaa dubbisuu keessatti uumuu jechuudha. Keeyyata addeessaa keessatti qabxileen irraa darbamu hin qabne; wanta ilaallamuf qalbeeffanna kennuu, bakka

irraa addeeffamu beekuufi jechoota filatamoo maqibsiifi xumuribsi garagaramuun barbaachisaa ta'uusaati. Haaluma Kanaan:

> *An expository paragraph's primary purpose is to provide information and or explanation of something. The name "expository" suggests that a topic is "exposed" through the writing. In an expository paragraph, the writer would want to be sure to provide details and explanations that allow the reader to better understand the topic.Like most types of paragraphs, the structure of the expository paragraph consists of three main parts: the opening sentence, body sentences, and a closing sentence.*

Yaada olii kana irraa akkuma hubatamu Keewwatni addeessaa dhimmi isaa inni jalqabaa odeeffannoo yookaan ibsa waan tokkoo kennuudha. Maqaan "addeessaa" jedhu mata dureen tokko karaa barreeffamicha "saaxilaa" ta'uu agarsiisa.

Keeyyata addeessaa keessatti barreessaan bal'inaafi ibsa dubbisaan mata duree sana caalaatti akka hubatu taasisu kennuu isaa mirkaneeffachuu barbaada. Akkuma gosoota keeyyataa irra caalaan, caasaan keeyyata addeessaa kutaalee gurguddoo sadii of keessaa qaba. Isaanis: hima baniinsaa /sensa, hima qaamaa fi hima cufiinsaati

## B. Keeyyata Seeneffama/ narrative pharagrph/

Seenessuu jechuun ta'iinsota, gochootaa namootaa jalqabaa hanga xumuraatti duraa duuba isaatiin gabaasuu jechuu dha. Akkasumas seenessuun karaa ittiin yaada tokko nama birootiif dabarsan dabarsan keessaa tokko ta'ee, seenaa dhugaa yookiin argaa yaada jalqabaa, jidduufi xumura gaariitiin barreessuu jechuudha. Arga yaada jechuun ta'iinsa tokko uumuudhaan yookiin muxxannoo biraa irraa ka'uun tartiiba ta'iinsa waan tokko eeguun kan barreeffamuu dha.

> *A narrative paragraph tells about an event. The term personal narrative means that the writer is writing about an event that happened in his or her personal life experience. Narratives should have a clear beginning, middle, and end. Most narratives are told in chronological order and use transitions (like "next" or "then") to help the audience understand the flow of time. Narratives utilize descriptive writing and contain sensory details (imagery). Narrative writing is the basis of both fiction and non-fiction stories.*

Keeyyatni seeneffamaa waa'ee taatee tokkoo hima. Jechi seeneffama dhuunfaa jedhu barreessaan waa'ee taatee muuxannoo jireenya dhuunfaa isaa keessatti ta'e barreessaa jira jechuudha. Seenaawwan jalqaba, gidduufi xumura ifa ta'e qabaachuu qabu. Seenaawwan baay'een isaanii tartiiba yerootiin kan himaman yoo ta'u, ce'umsa (akka "itti aanu" ykn "sana booda") fayyadamuun dhaggeeffattoonni dhangala'aa yeroo akka hubatan gargaara. Seenaan barreeffama ibsituu kan fayyadamu yoo ta'u, ibsa miiraa (suuraa) of keessaa qaba.

Barreeffamni seeneffamaa bu'uura seenaa asoosamaa fi asoosama hin taane ti. Caasaan keeyyata seeneffamaa kaayyoo barreessaa irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu danda'a.

**C.Keeyyata Ibsaa/ Descriptive Paragraph/**

Keeyyataa ibsaa kan jedhamu gosoota keeyyataa ta'ee yaadota, wantootaafi haalota ittiin ibsuuf kan nama gargaaruu dha. Keeyyanni ibsaa kan ittiin madaalamu dhugaadhaan. Kana jechuun dhugaa irratti hunda'ee barreeffamu qaba. Faayidaan isaa odeeffannoo kennuufi qajeelfama dabarsuu dha

*.A descriptive paragraph uses sensory details to describe someone or something. Sensory details are descriptions that appeal to the reader's physical senses: sight, sound, taste, touch, and smell. A well-written descriptive paragraph allows the reader to form a picture in his or her mind as he or she reads. Writers should include vivid adjectives and action verbs to help the reader with this process.*

Keeyyatni ibsaa nama tokko yookaan waan tokko ibsuuf ibsa miiraa fayyadama. Bal'inni miiraa ibsa miira qaamaa dubbisaa hawwatudha: arguu, sagalee, dhandhamaa, tuquufi urgaa'uu. Keeyyatni ibsaa akka gaariitti barreeffame dubbisaan yeroo dubbisu sammuu isaa keessatti fakkii akka uumuuf isa dandeessisa. Barreessitoonni adeemsa kana dubbisaa gargaaruuf maqibsa ifa ta'eefi gocha gocha hammachuu fayyadamuu qabu.

**D. Keeyyata Amansiisaa /Persuasive Paragraph/**

Keeyyata amansiisaa yookiin mormisiisa jedhamee kan beekamu yaada ofii dubbistoota amansiisuuf yookiin fudhachiisuuf haqa, fakkeenya sabaaboota adda addaatti gargaaramanii barreessuudha.

Keeyyata amansiisaa keessatti yaanni barreeffamu ilaalcha yoo ta'e ragaadhaan deggeramuu qaba. Haqa yoo ta'e, garuu ragaa hin barbaadu. Yaanni dhugaa yookiin soba ta'uun isaa namoota hundaan hubatamuu haqa yemmuu jedhamu, yaanni dhugummaan yookiin soba ta'uunsaa isaa ragaan mirkana'uu hin dandeenye ilaalcha jedhama **.**

*The purpose of a persuasive paragraph is to convince an audience to agree with the writer's point of view. In order to be successful, the writer must choose a topic and take a position or state an opinion. The writer must support the position with relevant facts and examples. In order to be effective, the writer should consider the audience when making choices about what kind of evidence to include in the paragraph.*

Kaayyoon keeyyata amansiisaa dhaggeeffattoonni tokko ilaalcha barreessaa irratti akka walii galan amansiisuudha. Barreessaan milkaa'uuf mata duree filatee ejjennoo ykn yaada ibsuu qaba. Barreessaan ejjennoo sana dhugaa fi fakkeenyota barbaachisoo ta'aniin deggeruu qaba. Barreessaan bu'a qabeessa ta'uuf ragaa akkamii keeyyata keessatti hammachuu akka qabu yeroo filannoo godhu dhaggeeffattoota ilaaluu qaba.

Caasaan keeyyata amansiisaa gosoota keeyyata biroo wajjin wal fakkaata.

*Source; https://essentialswriting.com/homeschool/*

## 2.10. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorataan qorannoo kana yemmuu geggeessuuf deemuutti qorannowwan kanaan dura hojjetaman kan qorannoo inni geggeessuuf deemuu waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'eera. Haaluma kanaan Mata duree isaa waliin kallattiin walitti dhufeenya qabaachuu baatus, qorannowwan kanaan dura hojjetaman hamma tokko mataduree qorannoo isaa faana hariiroo kan qabu argateera.

**Qorannoo inni tokkoffaan bara 2011/2019** Kaasechi Ambisaatiin Mata duree'' Xiinxala dandeettii gahumsaan barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Kutaa 8ffaa'' jedhu irratti Magaalaa Finfinneetti Kan hojjetamedha.Kunis barattoota mana barumsichaa Afaan Oromootiin Afaan hiikkataniifi barattoota afaan Amaaraatiin Afaan hiikkatan irratti kan xiyyffatedha.

Barattoota kutaa 8ffaa irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u Kaayyoon qorannoo kanaas, "Dandeettii Ga'msaan barreessuu barattoota Mana barumsaa Jeneraal Taddasaa Birruu adda baasuun xiinxaluudha. Bu'aan isaa immoo barattoonni hanqina seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii qubeessuu, jechoota kan gabaabbachuu qabu dheerressuu kan dheerachuu qabu gabaabsuu;kan jabaachuu qabu laaffisuufi kan laafuu qabu jabeessu akkasumas kan mallattoon hudhaan galuu qabu dubbachiiftuu sadii walitti aansuufi hanqina sirna tuqaaleetti haalaan fayyadamuufi kan kana fakkaatan bu'aa qorannoo kana irraa argame yemmuu ta'u.

Walitti dhufeenyi inni qorannoo qorataan geggeessaa jiruu waliin qabu xiyyffannoon isaa Dandeettii barreessuu irratti yoo ta'u, Addaa addummaan isaa immoo inni kan Kaasechi Anbisaa duuchaadhumatti dandeettii barreessuu barattoota Mana barumsaa Taaddasaa Birruu kutaa 8ffaa Afaan Amaaraafi Afaan Oromootiin Afaan hiikkatan hiikkatan irrattidha. Qorannoon amma qorataan geggeesse kun immoo, "Xiinxala rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromootiin Barreessuu Barattoota Mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10ffaa irratti" kan xiyyeeffatedha.

**Qorannoo inni lammataa immoo kan bara 2014/2022** Saaniyaa Hasaniin mata duree ''Xiinxala Hanqina Dandeettii Barreessuu Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Kaarraa Goraa Sadarkaa Lammaffaa Kutaa 9ffaafi 10ffaa''jedhu irratti kan hojjetamedha.

Kaayyoon qorannoo kanaas hanqina dandeettiii keeyyata barreessuu barattoota mana barumsaa Karraa Goraa Sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaafi 10ffaa baratan adda baasuun saakatta'uun beeksisuudha. Bu'aan yookiin argannoon qorannoo kanaa immoo barattoonni mana barumsichaa shaakala dandeettii barreessuu isaanii fooyyessuuf gama barsiisaatiin kennamuufis ta'ee dhuunfaa isaanitiin of fooyyessuuf xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuufi barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 9ffaa, 10ffaafi11ffaa barsiisani dandeettii barreessuu Afaan Oromoo barattoota isaanii fooyyeessuuf kutannoofi xiyyeeffannoo dha-buun argannoo qorannoo isaa lammataa ture.Kunins walitti dhufeenyi qorannoo qorataa waliin qabu lachanuu dandeettii barreessuu xiinxaluufi keeyyaata irratti xiyyeeffachuu yoo ta'u Addaa addummaan isaa immoo Qorannoon Saaniyaa Hasaniin geggeeffame al tokkichaa barattoota kutaa 9ffaafi 10ffaa

baratan irratti yemmuu ta,u Kan qorataa kanaa immoo “Xiinxala rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota kutaa 10ffaa baratan qofaa irratti kan xiyyeeffatedha.

**Qorannoon inni sadaffaan immoo bara (2019**) Mata duree ‘’Xiinxala dandeettii afaan Oromootiin barreessuu barattoota mana barumsaa Sulultaa sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa ‘’ kan jedhu, Firoomsaa Korjii Ida’ootii kan hojjetame yemmuu ta’u, Kaayyoon qorannoo kanaa ‘’Dandeettii barattoonnii Afaan oromootiin barreessuu irratti qaban adda baasuu’’ kan jedhudha. Argannoon qorannoo kanaa immoo barattoonni Mana barumsaa Sulultaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 9ffaa, Dandeettii barreessuu isaanii fooyyessuu irratti hanqina qabaachuu, Rakkoo yaada maddisiisuun qindeessuun mata duree kennameef irratti barreeffama gaarii barreessuu dadhabuufi kan kana fakkaatani irratti hanqina qabaachuun isaanii kan adda bahee yemmuu ta’u,

**Qorannoo walfakkii inni Afuraffaan Qorannoo Bijigaa Bakkalchee, (2007/2015**) Mataduree Hanqina Ogummaa barreessuu barattoota Afaan Oromoo Mana barumsaa Qophaa’inaa Bojjii Coqorsaa ‘’ kan jedhu yemmuu ta’uu; Kaayyoon qorannoo kanaas Hanqina Ogummaa barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Mana barumsaa Qophaa’inaa Bojjii Coqorsaa kutaa 11ffaa xiinxaluudha.. Qoraqnnoon kanas qorannoo amma geggeeffameen kan wal fakkeessu dandeettii barreessuu xiinxaluu irratti yoo ta’u kan kan ammaa kanaan adda taasisuu immoo inni kan Bijigaa akka walii galaatti ogummaa barreessuu irratti yoo ta’u inni kan qorataa kanaa immoo Dandeettii himaafi keeyyata seera isaa eeganii Afaan Oromootiin barreessuu barattoota kutaa 10ffaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Argannoon qorannoo kanaa immoo Barattoonni mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa Seera himaafi keeyyata Afaan Oromoo eeganii barreessuu irrattii habqina qabaachuu isaanii,kun immoo sadarkaa jecha qindeessuun hima ijaaruu, himoota seeraan qindaa’aniin keeyyata gaarii ijaaruun dadhabuun kan qorannoo kanaan adda bahe yemmuu ta’u kan wal isaan fakkeessu hundinuu dandeettii barreessuu irratti kan xiyyeeffatan yemmuu ta’an; kan qorannoo ammaa kana adda taasisuu immoo keessumattuu qorannoon kuniin waa’ee jechaafi keeyyataa malee dandeettii hima barreessuuf xiyyeeffannoo kan hin kennine waan ta’eef qorannoon qorataa kanaa immoo sadarkaa himaafi keeyyaata barreessuu irratti xiyyeeffachuun xiinxaluun isaa adda taasiseera.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa irratti kan xiiyyeeffatu ta'ee mala qorannoo makaatti dhimma ba'eera. Kun kan ta'eefis qorataan odeeffannoo barbaaduu mala qorannoo qulqulleeffataafi hammamtaan odeeffannoo qorannoo kanaa funaaneera.

## 3.2. Malleen Qorannoon Ittiin Funaaname

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu mala haala karoorfameen galmaan ga'uu dandeessisa jedhamee yaadamu niqabaata. Kunis haala amala mata durichaafi kaayyoo qorannichaan walsimuun ta'uu qaba. Haaluma kanaan amala mata durichaafi kaayyoo qorannoo kanaaf ta'uun mala itti amane qoratichi fila-teera. Kanaaf qorannon kun kallattumaan xiinxala rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota kutaa 10ffaa irratti waan xiyyeeffatuuf qorataan kaayyoo qorannoo kanaa mala galmaan naaf gaha jedhu mala qorannoo safarataafi qulqulleeffataati fayyadameera.

Kun, kan ta'uuf ragaalee funaanamu bifa bilchina qabuun qaaccessuuf barbaadameeti. Creswell ,(2009) akka ibsuttis, "Qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichaan walqabatee ka'e sana bifa sirriin itti hubachuudha malee adda baasnee mala tokko qofa fayyadamuun qorannicha geggeessuun waan irra caalaa fooyya'aa ta'e hinfakkaatu' jedha. Kanaafuu, qorannoon kun kan adeemsifame mala qorannoo makaatiin (mixed mathods research design) innis, mala qorannoo sa-farataafi qulqulleeffataati. Sababni mala qorannoo safarataafi qulqulleeffataatiin adeemsifamuuf kaayyoo qorannichaa bifa gaarii ta'een galma geessiseera.

## 3.3. Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi Madda raga lammaffaadha. Sababiin isaas, odeeffaannoon qorannichaa kan irraa sassaabame barattootaafi barsiisota mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaafi waraqaa qorannoo mataduree kanaan dura mata duree kanaan walfakkaatuun hojjetameefi barruulee adda addaati. Kallattiin qaamota dhimmi kun irratti raawwatamu waan ta'aniif madda ragaa tokkoffaa jedhame. Dabalataan, himootaafi keeyyata barattoonni barreessa-nuns kallattiin ilaalameera. Kanaaf ragaaleen bifa gaaffiin funaanaman qabatamaan hojii isaanii waliin walmaddiitti qabamee ilaalamuun odeeffannoo qorannichaa irra caalaa qabatamaa godheera.

### 3.4. Madda Ragaa

Qorataan qorannoo kana geggeessuuf madda ragaa lamaatti gargaramera. Isaanis madda ragaa 1ffaafi maddaa ragaa 2ffaati

### 3.4.1 Madda Ragaa 1ffaa

Qorataan qorannoo kana keessatti akka madda ragaa tokkoffaatti kan gargarame keessa barsiistoota mana barumsaa Boorrachaa sad.2ffaa kutaa 10ffaafi 11ffaa Afaan Oromoo barsiisaan(3)sadiifi barattootaa kutaa 10ffaa hunda daree (6) A-F baay'inni isaanii (432) dhibba afuriifi soddomii lama ta'an keessaa barattoonni dhiirri- 15 fi dubarri-15 mala carraa kaayyoo irratti xiyyeeffateen filatamuun qorumsa barreeffamaa kennuufiin bu'aa isaani galmeessuun akka madda ragaa tokkoffaatti odeeffannoon irraa funaanameera.

### 3.4. 2. Madda Ragaa 2ffaa

Qorataan akka madda raga 2ffaatti qorannoo kana keessatti itti kan itti gargaarame qorannoo mata duree kana irratti hojjatamee adda addaa kan mata duree kana waliin wal qabatan irraa odeeffannoo sassaabbachuun qorannoo isaa kana geggeessera.

### 3.4.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Iddattooni qorannoo kana keessatti hirmaatan barattoota kutaa 10ffaa baratan daree 'A' hanga' F'tti jiran (daree jaha) keessaa barattoota dhiira -15 (3%3)fi dubara-15 (31.8%), walumaa galatti daree hunda keessaa barattootni soddomni 30(90.91%) filatamaniiru. Kanas gareetti qooduun carraa buusuufiin kanneen carraan isaan baasetuu fudhataman. Kunis kan taasifamueef barattoota hundaafuu carraa walqixa kennuufiin yaadameeti. Akkasumas Barsiisotnni barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan sadi mala iddatteessuu kaayyoo irratti xiyyeeffateeen filatamaniiru.

Sababni qorataan mala iddatteessuu kaayyoo irratti xiyyeeffatetti fayyadameef barsiisonni kun eenyuun olitti dhimma rakkoo dandeettii barreessuum himaafi keeyyata Afaan Oromoo irratti beekumsafi, muuxannoo waan qabaniif akkasumas barsiisonni kun mana barumsaa kanatti tokkoon tokkoo isaanii waggaa 9fi isaa ol waan tajaajilaniif daree barsiisan keessatti rakkoo kana qabatamaan arguu danda'u jedhamamee waan amanameef. Qorannoon kun yeroo geggeeffametti odeeffannoo quubsaafi qabatamaa ta'e kennuu danda'aniiru.

#### 3.4.3.1. Barattoota Mana barumsichaa kutaa 10ffaa baratan

Baayyinni barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa lammaffaa keessatti baratanii dhiira-220fi dubara dhi-212 walumaa galatti barattoota 432 yoo ta'an, dareewwan jahatti(6)tti qoodamanii baratu. Kanneen keessaa barattoonni 30'ni mala carraa kaayyoo irratti xiyyeeffateen filatamaniiru. Tokkoon tokkoon dareewwanii keessaa barattoota 5'n ,5'n gaafannoorratti deebii akka kennan ta'eera.

#### 3.4.3.2. Barsiisota Mana barumsichaa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisan.

Mala kaayyoo irratti xiyyeeffateen barsiisota Afaan Oromoo barsiisan dhi-2 fi dub-1 walumaagalatti barsiisonni sadii filatamaniiru. Afgaaffiin isaaniif dhiyateera. Haaluma kanaan qorataan deebii isaanii ilaaluun kan qaaccesseera. Sababni barsiisonni mala kaayyoo irratti xiyyffateen filatamaniifis barsiisonni jiran muraasa waan ta'aniifi dhimma kana irratti odeeffannoo sirrii ta'e; kennuun waa'ee rakkoo dandeettii barreessuu irratti odeeffannoo bal'aa qabaachuu danda'u jedhamee waan amnameefi.

## 3.5. Meeshaalee Odeeffannoon ittiin funaanamu

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti qabxiin xiyyeeffannoo guddaa barbaadu ragaalee funaanuudha. Sababni isaas kaayyoo qorannoon tokko geggeeffamuuf waa'ee dhimma qoratamuu sana qulqulleesanii adda baasuun furmaata barbaaduuf waan ta'eefi. Haaluma kanaan Meeshaaleen odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname bargaaffiifi, af-gaaffiifi Battalee barattootaaf dhiyaatedha. Kunis haala kamiin mata-durichaaf odeeffannoo mijataafi qabatamaa funaanuun danda'ama kan jedhu xiinxaluun akkaataa saayinsiin isaa eeyyamuun kan raawwatmedha.

### 3.5.1. Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaate.

Qorannoo tokko geggeessuu keessatti af-gaaffiin faayidaa guddaa qaba. Faayidaa af-gaaffii kana ilaalalchiseee Addunyaan, (2011:*f*.64) yoo ibsu, "Meeshaan kun warra odeeffannooon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaaniin waan dhiyeessaniif odeeffannichi aslii ta'a," jedha. Yaada kaana irraa kan hubatamu odeeffannoon argame sun amanamaa ta'a jechuudha.

Kana malees, yaada bal'aafi guutuu argacshuun akka dandaa'amus nu hubachiisa.. Kanaafuu, qoratichis qorannoo isaa irratti odeeffannoo amanamaa, gad-fageenya qabuufi guutuu ta'e argachuuf meeshaalee ittiin odeeffannoo funaannate keessaa tokko afgaaffii taasifateera..

### 3.5.2. Bargaaffii Barattootaafi Barsiisotaaf dhiyaate.

Bargaaffiin malaa odeeffannoon qorannoo tokkoo ittiin funaanamu keessaa isaa tokko waan ta'eef baay'ee barbaachisaadha. Kanuma cimsuuf; Kumar,(1996). Bargaaffiin maalleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'uu isaa ibsa.

Faayidaa afgaaffii kana Addunyaa,(2011:*f*.64) yoo ibsu, "Meeshaan kun warra odeeffannooon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaaniin waan dhiyeessaniif odeeffannichi aslii ta'a," jedha. Yaada kaana irraa kan hubatamu odeeffannoon argame sun amanamaa ta'a jechuudha.

Itti dabalees, yaada bal'aafi guutuu argachhuun akka dandaa'amus Sarantakos, 2006*:p.*45) niibsa. Kanaaf qorataan mala ragaan ittiin funaane keessaa isa tokko godhee filateera. Sababni isaa mala ragaan ittiin funaaname kun kan filatameef yeroo, humnaafi baasii qusata.

kana malees; eenyummaa odeeffanno kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo kennitoonni osoo of hin qusatin odeeffannoo

sirrii kennuu danda'aniiru. Qorataan odeeffannoo kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu qopheessuun dhiyeesseeraaf. Qoratichaaf odeeffanno kennitoota gidduu waliin dubbiin dirqama waan

hintaaneef odeef-kennitoonni bilisa ta'anii yaada gaaffichaa dubbisuun deebii isaanii barreeffamaan kennaniiru.

### 3.5.3.Battalee Barattootaaf Enname

Haala adeemsa qorannoo kana keessatti malli odeeffannoon ittiin funaaname keessaa tokko qormaata. Bu'uuruma kanaan barattoonni iddattoof filataman dhi-15fi dub-15 walumaa galatti baay'inni isaanii 30 ta'aniif gosoota himoota keessaa himoota himaamsaafi mata duree dhiyaateef keessaa immoo mata duree tokko filachuun keeyyata tokko barreessan qajeelfamni kennameeraaf. Sababni isaas odeef-fannoon argamu irra caalaa karaa barreeffamaa waan ta'eefi. Malli kunis rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu barattootaa adda baasuuf gargaareera.

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorataan duraan dursee osoo waa'ee odeeffannoo funaanuutti hin seenin warra odeeffannoo qorannoo kanaa kennaniif qajeelfama ifa ta'e kennuufiin rakkoo tokko malee raga barbaachisaa ta'e akka kennan godheera. Itti aansuudhaan odeeffannoon funaaname tooftaa odeeffanno madda ragaa irraa fu-naanamaniifi hiikni itti kenname irratti hundaa'uun xiinxalameera. Bu'uuruma kanaan odeef-fannoowwan madda ragaa irraa funaanaman tooftaa odeeffannoowwan haala walfakkeenyaafi walitti dhufeenya qabaniin qaacceffamaniiru. Odeeffannowwan bar-gaaffii ragaaleen funaanaman mala haala qorannichaan wal simuun qaaccefamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan ragaaleen bargaaffiidhaan argaman akka ifa ta'utti jalqaba akkaataa walfakkeenya deebii kennameen gosa gosaan taa'eera. Itti aansee, haala walfakkeenya isaanii hordofuun qaaccessuun ibsi itti kennameera. Bifuma armaan oliitiin mala qorannoo safaratatan qorataan odeeffannoon yeroo qaacceffamu gabateedhaan kaa'uun baay'ina odeef kennitootaa dhibbaantaatti jijjiiruun qaacceffameera. Odeeffannoon af-gaaffii barsiisotaa immoo mala qulqulleeffatatiin qaacceffamee dhihaateera. Yeroo qaacceffamu kanas, haala odeeffannoo bar-gaaffiidhaan funaanamuun qaacceffaman waliin haala walsimuun ta'eera. Dabalees, kanneen jechaan taa'an qaaccessuunis kanumaan waldeeggaree akkaataa deemuun qaacceffameera. Odeeffannoon af-gaaffiin argame kun immoo bakka barbaachisaa ta'etti kan qaaccessa ragaalee bargaaffii waliin walbira qabaa adeemuun kan qaacceffamedha. Erga ragaaleen ba-rgaaffii, Battalleefi af-gaaffii odeefkennitoota irraa funaanamanii adeemsa isaaniif ta'uun xiinxalamee odeeffannoo karaa sadanii haala adeemsa bar-baachisuun qaaccessuun yaadota argaman walitti fiduun ammam akka walfakkaatan ilaaluun yaada walfakkatuufi walhinfakkaanne adda baasuun ibsi itti kennameera. Dhu-ma irratti yaadni guduunfaafi frmataa itti kennameera.

# BOQONNAA AFUR: HAALA IBSAAFI XIINXALA RAGAALEE

## 4.1.Ibsa Waliigalaa

Boqonnaan kun odeeffannoo argame dhiyeessuu, xiinxaluu, qaaccessuufi hiikuu irrastti kan xiyyeef-fatudha. Akkasumas ragaalee madda adda addaarraa argametu tokko tokkoon qaacceffamee dhiyaata. Odeeffannoo kana jalatti kan qaacceffamanis odeeffannoo aaf-gaaffii bana barsiisotaafi barattootaa, Bar-gaaffii barsiisotaafi barattootaafi Battalee barattootaaf kennametu gabateedhaan dhiyaatee; qaac-ceffame. Kunis kan qaacceffame baay'ina barsiisotafi barattoota iddatteeffamaniitu gara dhibbantaatti jijjiiramee dhiyaate. Dabalataanis, battalee barattootaa ilaalchisee seeraa himaafi keeyyata Afaan Oro-moo osoo hin eegin kanneen rakkoon dandeettii barreessuu keessatti mul'atetu gabateedhaan dhiyaatee dhibbantaatti jijjiramee; qaacceffame. Kana malees; Odeeffannoon aaf-gaaffii barsiisotaarraa argame haala wal simachuu danda'uun bar-gaaffii barattootaa waliin walitti qindeessuudhaan qaacceffamee jira. Baay'inni bar-gaaffii barattootaa aaf-gaaffii barsiisotaa waan caaluuf, dhimmoota walfakkaatan qofaatu waliin qaacceffame.

### 4.1.2. Ibsa Ragaa Deebii Kennitootaa

Qorannoon kun Godina Buunnoo Beddellee Aanaa Boorrachaa Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaatti Xiinxala rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyataa Afaan Oromoo barattoota kutaa 10ffaa addaan baasuun furmaata itti kennuurratti kan hojjetamedha Akka ragaan muli'sutti,mana barumsaa kana keessatti kutaa 10ffaan daree barnootaa 6 fi barattoota dhi.220, dub 212 ida. 432 kan jiran yammuu ta'an kanneen keesaa akka iddattootti dhi 15 (33%). dub 15(31.8%) Ida.30 kan ta'an fila-tamaniiru.

### 4.1.3. Ibsa Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa

Ibsi kun barsiisota qofa xiyyeeffata. Sababni isaa barattoonni sadarkaan barnootaa isaanii kutaa 10ffaa ta'uun isaa adda baafamee waan jiruuf kan barsiisota adda baafameera. Akkuma gabaatee 3, Armaan gadii irratti ibsameetti deebii kennitoota yoo sadarkaa barumsa isaaniitiin ilaalle barsiisaa digirii jalqaa-ba 1(33.33%) fi maastersii 2 (66.67%) agarsiisa. Kana irraa waanti hubatamu deebii kennitoonni sa-darkaan barumsa isaanii irraa caalaan digirii 2ffaa ta'u isaa hubatameera.

## 4.2.Af-gaaffii Barsiisotaafi Barattootaaf Dhiyaate

### 4.2.1. Af- gaaffii Barsiisotaaf dhiyyate

Qorataan barsiisota mana barumsaa sanaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan sadiif (3)f dhimma rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu barattootaa irratti af-gaaffii dhiyeesseeraaf. Sababni isaas qorataan dhimmicha irraatti odeeffannoo ga'aafi ifaa ta'een argadha jedhee; waan

amaneefeef. Haaluma kanaan qorataan barsiisota kana biratti qaamaan argamuun gaafachuun odeeffannoo irraa argate kana xinxaluun dhiyeesseera.

Haaluma kanaan;af-gaaffiin dhiyaates; barattoonni mana barumsaa kana seera Afaan Oromoo eeganii himaafi keeyyata ni barreessuu? Kan jedhu yemmuu ta'u; yaanni barsiisota irraa argames rakkoo barnoota sadarkaa gara gadii irraa ka'ee as gahe irraan kan ka'e hanga sadarkaa lammaffaa kanatti rakkoo guddaan akka jiru kaasaniiru.

Maddi rakkoo kanaas akka isaan kaasuuf yaalanitti barattoonni baay'een isaanii yemmuu shaakalli barreessuu daree keessatti kennamuuf barreessuuf fedhii guutuu hinqabani; kan barreessanis rakkoo qindoomin jechoota himafi keeyyata ijaarani irraan kan ka'e seera afaanichaa eeganii barreessuu irratti rakkoon akka jiru ibsaniiru.

Kana malees maddi rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu barattoota  mana barumsaa kann barattootuma moo barsiisa bira? jedhamanii yemmuu gaafatamannis; yaada ibsaniin qaama lamaanu bira akka jiruufi deeggarsi maatiis akka itti hanqatu kaasaniiru. Haaluma wal fakkaatuu rakkoo kan biraa barattoonni walitti fufiinsaan daree barnootaa keessatti argamuu dhabuudha. Kana jechuun akka barsiisonni kun kaasanitti barattoonni oolmaa baay'isuudha. Kanas irra caalaatti guyyoota barnootaa mana barumsaa demmuurra guyyoota gabaan jiru mana barumsaa oolanii gabaa deemuu filatu. Kun immoo madda rakkoo isa biraati. Kana malees; barattoonni fedhii dhabuun akkuma jirutti ta'ee barsiisonnis haala walfakkaatuun dhimmanii fedhiifi kaka'umsa gaariidhaan dirqama ogummaan isaan gaafatu bahuun barattoota deeggaruu irratti hanqinni bal'aan barsiisota bira akka jirus barsiisonni kunneen ofuma isaaniiti kaasaniiru.

Akka gaaffii sadaffaatti af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate; miidhaan karaa rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kanaan dhufu maali? jedhamanii yemmuu gaafatamanitti yaanni barsiisonni kaasuuf yaalan rakkoo rakkoo ofitti amanummaadhaan yaada isaanii garreeffamaan ibsachuu dadhabuu, rakkoo qindeeffama yaadaa, ,rakkoo seer-luga afaanichaatt seeraan fayyadamuu, rakkoo xiin-sammuufi daree barnootaa keessatti immoo qabxii gaarii galmeessissuu dhabuullee barattootatti akka fiduu danda'u ibsaniiru. Akkasumas rakkoo kana furuuf gaheen barsiisaafi barattootaa maali jedhamanii yemmuu gaafataman; Barsiisonni afaan Oromoo irra caalaatti rakkoo kana furuuf itti gaafatamummaa guddaa akka qabaniifi daree barnoota keesstti dandeettii himaafi shaakala barreessuu barattootaa cimsuuf shaakala walirraa hin cinne akka godhan jajjabeessuu, shaakala dandeetti kitaaba baratta irra jiruun cinatti shaakala adda addaa qopheessuun barattoota shaakalciisuu, barreeffama barattoonni barreessan yeroo hunda sirriitti ilaaluun deeggarsaafi duub-deebii gahaa kennuun akka irraa eegamu kan kaasan yoo ta'u; Kun qofti gahaa waan hintaaneef barattoonnis gama isaaniitiin qajeelfama karaa barsiisaatiin kennamuuf sirriitti hordofuun shaakala walirraa hicinne gochuu, guyyaa barnootaa hunda daree barnootaa keessatti argamuun barnootaafi shaakala dareetti kennamu hojjechuun kan irraa eegamu

ta'uusaafi maatii barattootaa dabalatee qaamni dhimmi barnootaa ilaallatu hundi gahee isarraa bar-baachisu yoo bahe rakkoon kun xiqqachuu akka danda'u ibsaniiru.

### 4.2.2. Bar-gaaffii Barattootaaf dhiyaate

Meeshaan odeeffannoon ittiin sassaabame inni biroo bar-gaaffiidha. Bargaaffiin odeef-kennitoonni yaada isaanii ofitti amanamummaafi bilisaan akka kennan gargaara. Haaluma kanaan Kumar, (1996). yoo ibsu; Bargaaffiin maalleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamu ta'uusaa ibsa. Sababni meeshaalee ragaan ittiin funaanamuu kun filatameef yeroo, humnaafi baasii kan qusatuufi eenyummaa odeef-kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha.

Bu'uuruma kanaan qoratichi bar-gaaffii bararattootaaf dhiyeesseen odeeffannoo argate haala armaan gadiitti ibseera.

Rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu barattootaa xiinxaluuf barattoonni seera himaafi kee-yyata Afaan Oromoo eegani barreessuun himoota ergaa guutuu dabarsan kan mataa isaaniifi mata du-ree kennameefi keessaa mata duree barbaadan irratti of danda'anii keeyyata akka barreessan qajeelfamni ifatti kennameeraaf. Bu'uuruma kanaan himoonniifi keeyyanni barattoonni mata duree fila-tanii irratti barreessan yemmuu sakattaa'amu rakkoon dandeettii himaafii keeyyata barreessuu mul'teera. Kanuma irraa ka'uun akka qaaccessuf tolutti himootaafi keeyyata barreeffame xiinxaluun lakkoofsaafi dhibbantaa gabatee kanaa gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee 4.2. xiinxala Rakkoo seera himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuu barattootaa.**

| L/L | Ulaagaa | Baay'ina barattoota hanqinni barreeffama isaanii keessatti mu'atee. | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Hima keessatti | | Keeyyata keessatti | |
| | | Lakk. | % | Lakk. | % |
| 1 | Qindaa'ina jechaa | 21 | 70 | --------- | ------- |
| 2 | Seera himaa guutuun barreessuu | 24 | 80 | --------------- | ------- |
| 3 | Wal simannaa matimaafi gochimaa | 18 | 60 | ------------- | ------- |
| 4 | Seera keeyyata guutuu | ------- | ------- | 25 | 83.33 |
| 5 | Caasaa keeyyataa guutuu | -------- | ------- | 26 | 86.66 |
| 6 | Ulaagaa keeyyataa guut | ------- | ------ | 28 | 93.33 |

**Hubaachiisa:** Akkuma qaacceffani gabatee kanarra jiru mul'isutta barrattoota iddattoon fadhataman 30/soddoma keessaa barattoonni 21(%70) rakkoo seera hima Afaan Oromoo eegaanii barreessuu kan qaban yoo ta'u barattoonni 26(%87.7) immoo rakkoo seera keeyyata Afaan Oromoo eeganii barreessuu akka qaban qaaccessa olii kana irraa hubatameera.


### 4.2.3. Rakkoo Dandeettii Himoota Barreessuu Barattootaa Battalleedhaan Xiinx-alame

Mata duree kana jalatti barattoonni Mana Barumsaa boorrachaa sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa baratan shaakala dandeettii himoota barreessuu ammam xiyyeeffannoo itti kennuun haala seerri barreeffamni Afaan Oromoo eeyyamuun barreessuu danda'u kan jedhu madaaluuf kan karoorfatedha. Haaluma ka-

naan qorataan himoota adda addaa akka barattoonni barreessan tasiseera. Bu'uuruma kanaan gosoota rakkoo dandeettii barressuu keessaa rakkoo seera hima  eeganii barreessuu irratti mul'ate irratti odeeffannoo argame qaaccesseera.

Haaluma kanaan hanqinni dandeettii adda bahe kunis kunniinis, hima keessatti wal simannaa matimaafi gochimaafi.haala qindoomina jechootaa mul'atetu qaacceffame. Rakkoon dandeettii hima barattoonni barreessan keessatti mul'ate caalaatti ifa taassisuuf, gabateewwan kanaa gaditti dhiyaatanii jiru. Haalli itti dhiyaates akkaata qaaccessa hanqina barreessuu mul'ateeni Akkasumas, ragaaleen funaanamanii qaacceffaman warreen jechaan dhiyaatan akka ifa ta'uuf 'hanqina' kan qaban jalatti tarreeffamanii kan jiran yoo ta'u, gara isaan itti sirraa'uu qaban immoo 'sirrii' yookaan doggora kan hin qabne kan jedhu jalattii tarreeffamanii jiru.

sBattalee dandeettii himaa barreessuu xiinxaluuf barattootaaf  kennamee ilaalame.


BATTALEE
Himoota siif dubbifamu dhaggeeffac
ima afaan oromoo eeguun barreessi.
1. Oromiyaan biyya badhatuudha.
2. Fayyaa namaatif bishaan gaariidh
3. Ani kuta 10ffaa baradha
4. Baranooni bu'ura guddinaati
5. Fardi beefilada manaati
6. Bosoni rooba harkisa.
7. Bosoni dhiqama biyyee eega
8. Jalqabaa buma miccametuu a.
Irra deebi'i foyyeessi himoonni kun
Seera hima afaan Oromoo eegani
arreeffame.

**Gabatee 4.2.3.Xiinxala Gabatee Himootaa barattoonni barreessan keessaa bahanii**

| T/L | Himoota hanqina qaban | Hanqina mul'ate | | Yemmuu sirraa'anii barreeffman |
|---|---|---|---|---|
| | | Kan dabalame | Kan hanqate | |
| 1 | Oromiyaan biya badhatudha | ---- | -y-a-u- | Oromiyaan biyya badhaatuudha. |
| 2 | Fayyaa namatiif bishaan gaariidha, | Rakkoo matimaafi Aantimaa wal jala fuufuuchu | | Bishaan fayyaa namaatiif gaariidha. |
| 3 | Anii kuta 10ffaa baradha | -i- | -a-n- | Ani kutaa 10ffaan baradha. |
| 4 | Baranooni bu'ura guddinaati | -a- | -n-u- | Barnoonni bu'uura guddinaati. |
| 5 | Farddi beeilada manaati | -d-i- | -y- | Fardi beeyilada manaatii |
| 6 | Bosoni roobaa harikisa. | -a- | -n- | Bosonni rooba harkisa. |
| 7 | Bosonii dhiqama biyyee eegaa. | -i-a- | -n- | Bosonni dhiqama biyyee eega. |
| 8 | Jalqba buna miccametuu akaama | -i- | -a-u-/'/ | Jalqaba buna miiccametu aka'ama. |

**Gabatee 4.2.3.** Gabatee kanaa oli keessatti akkuma dhiyaatetti tarreeffamani dhamsagoonnii-fi jechoonni himoota keessatti mul'atan dhamsagoonni isaanii kaan isaanii bakka hin bar-baachifnetti itti dabalamuun kaan isaanii immoo bakka barbaachisutti keessaa hanqachuun kan keessatti mul'atedha .Haaluma kanaan hima ''Oromiyaan biyya badhatudha'' jedhu keessatti ''biya' kan jedhu kaassatti /y/n kan keessaa hafeefi "badhatudha' kan jedhu kees-satti immoo /a/fi /u/'n keessaa hafuun akka hanqinaatti kan mul'atedha. Kana malees hima 'anii kutaa 10ffaa baradha''jedhu keessattis dhamsagni /i/n/ dabalamuun osoo gabaabbachuu qabuu dheeratee kan argame yemmuu ta;u 'kutaa 10ffaa' kan jedhu keessatti immoo dhamsagni /n/hafuun matima mul'istuun osoo itti hin dabalamin hafeera.Itti aansuun hi-ma'Baranooni bu'ura gudinaati.' Jechuuf barreeffame keessatti dhamsagni /a/ osoo irra bu-tamuu qabuu bakka isaa malee galeera. Himuma kana keessatti jechi bu'ura' jedhus kan silaa 'bu'uura'' jechuu qabutu dhamssgni /u//n keessaa hafuun barreeffame. Kunis seera barreef-fama hima afaan oromoom eegee kan hin barreeffamne ta'uusaa agarsiisa.Itti fufuudhaan hi-ma lakk. 5.ffaa irra jiru keessatti jechi silaa 'fardi'jedhu dhamsagni /d/n dabalamuun akka

jabaatu ta’eera Gama birootiin jechi silaa ‘beeyilada’ jedhu immoo dhamsagni /y/n keessaa hafee /i/n bakka malee galuun dogoggorri akka uumamu taasiseera.

Haaluma walfakkaatuun himoota gabatee olii kana keessatti tarreeffaman kanneen barattoonni yemmuu barreessan dogoggora keessatti uuman himoonni lakk 6, 7, fi 8 irratti argamanis akkuma gabaticha keessaa hubachuun danda’amutti hanqinootuma walfakkatantu keessatti mul’atee jira. Kun immoo dubbisaan yaada barreeffama kanaa dubbisee akka ergaa isaa hin hubanne taasiseera. Egaa rakkoon dandeettii hima Afaan Oromoobarreessuu kun gabatee armaan olii keessatti kan mul’atu hanqina himoota barattoonni barreessan keessatti kan mul’atedha. Hanqinni kunis dogoggora qubeessuu dhamsagoota gabaabbachuu qaban gabaabsuu dhabuu kanneen laafuu qaban jabeessuufi kanneen jabaachuu qaban laaffisuufi bakka hinbarbaachifnetti dhamsaga irra butuufaatu keessatti mul’atee argama.


Walumaa galatti, barattoota iddatteeffamanii battaleen himoota ergaa dabarsan kan mataa isaanii akka barreessan tasifaman keessaa baay’inaan rakkoo jecha sirriiti qindaa’een hima seera hima Afaan Oromoo ergaa guutuu dabarsu barreessuu dadhabuuti. Kun immoo yoo dubbisaan barreeffama dhiyyaateef dubbisee ergaa isaa haala barbaadamuun hin hubanne ta’e waliigalteen barreessaafi dubbisaa gidduutti hin uumamne jechuudha. Kanaafuu barreessaan tokko kaayyoo barreessuuf milkeessuuf seera barreeffama afaan sanaa sadarkaa qubeessuu irraa kaasee hanga barruu guutuutti haala seerri afaanichaa eeyyamuun barreessuutu irraa eegama.

## 4.3. Xiinxala Battallee keeyyata Barreessuu Barattootaaf  Kennamee

Barnoota Afaan Oromoo keessatti barattoonni dandeettii afaanii gurguddoo jiran dandeettii , dhaggeeffachuu,dubbachuu dubbisuufi barreessuu, hiika jechaafi Seer-luga akka isaan gonfatan kan godhuu dha. Kanaafuu, dandeettii himaafi keeyyata barreessuu isaanii barattoonni akka cimsataniif shaakalli  adda addaa kitaaba barataa keessatti dhiyaatee jira. Akkaataa kitaaba barattoota irratti dhiyaateen qorataanis dabaree, dabareen barattoota  keeyyata barreessisuun xiinxaleera.

**4.3.1. Battallee keeyyata Barreessuu Marsaa 1ffaa Barattootaaf Kenname**

**Gabatee 4: xiinxala battallee keeyyata barreessuu Marsaa 1ffaa baratt ootaaf kenname**


fidu" jedhu irratti keeyya
gabaabaa tokko barreessi.

keeyyata

Barmaatileen Boodatti hafoon barnoota Sham
nii irratti dhiibba guddaa fiduu danda'a.
Innis -Barumsa adda kutuu, miidhaa Sam
miidhaa Qaamaafi maatii irrati ba
ta'uudha. Barmaatileen boodattihafo
Kunis ulfaa hin barbaachifne. Ykn yer
malee ulfa'uu, kittanaa, uba qongoo mu
ilkaan tumuufi gola ijaa muruudha.
Walumaa galatti barmaatileen boodat
hafoon barnoota shamarranii irratti m
baayee fiduu danda'a.

Fakkeenya:1

*Dubartotarati:- Barmaatiilee midha Fidan. Jedhame baekamu.UlFahin Barbachisne. kitanu. Dirqidha. Gudeduu. dhiibbaan kuun. Barmaatiilee midha Fidan. Jedhamu.kan akka .ilkaan tumachu. Huba qonqo muruu. Yero male. Herumu. ulFa hin barbachisne. yero daumsatuti. midha Qamasalu isi ratiighu. Kanafu kanaru oFbararuu qabdi. Dirqidhan. Gudedu immoo Namichi.Gudeedu sun Echu ibii Qabachu waandanda'uf. Midhadua. Eran ga'uu dan.da. Inibira kitanudha. Midhanisas Fedhi wolqunamti salaadhabsisa. ilkaan tumachu sibil namtokko Itti dhukubba.Qabchuu waan danda'uF. Gara nama biratti wan DarbbuF midha qaba.*

Barreeffama keeyyataa kana irraa waanti hubatamu, baratаan kun himoota qindeessee barreessuu irratti rakkoo guddaa akka qabu hubatameera. Jechoonni himoota keessatti barreeffaman waan ergaa dabarsan hin fakkaatani. Himni sirnaan hin barreeffamne jechuun immoo keeyyanni qophaa'ee yaada kaayyeffatame galmaan gahuu irratti dhiibbaa akka uumu beekamaadha. Kanaafuu, battallee kenname irraa akkuma hubatamu, rakkoon gama barreessuu himaafi keeyyataa irratti akka jiru hubatameera.

- ❖ Battalee marsaa 1ffaa daneettii keeyyata barreessuu barattootaaf kennamee ilaalame.

### 4.3.2. Battallee keeyyata Barreessuu Marsaa 2ffaa Barattootaaf Kenname

Xiinxala Battallee keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa barattootaaf kennamee keessaatti qabxii qorataan irratti xiyyeeffatee xiinxale himaafi keeyyata qindoomina qabu amaloota himaafi keeyyata gaarii guute barreessuu irratti rakkoon barattoonni iddattoon filataman qaban maal fa'i? Kan jedhu xiinxaluudha. Qormaanni himaafi keeyyata barreessuu marsaa 2ffaa irratti barattootaaf dhiyaate kunis Mataduree dhiyaate keessaa tokko filachuun amaloota himaafi keeyyata gaarii irratti xiyyeeffachuun himaafi keeyyata tokko barreessi jedhu irratti akkaataa qabxiilee armaan olitti ibsame kanaan battallee himaafi keeyyata barreess marsaa 2ffaatti kenname soroorfame qorataan bakka adda addaatti qoodde yommuu xiinxaltu barattoota iddattoo filataman keessaa kan barattoota 8 (26.67) barreeffama isaanii keessatti amaloota himaafi keeyyata gaarii guutee kan hin barreeffamne ta'utu mul'ata.


Kana yommuu jennuu yaanni hima ijootiin eegalee gara hima gargaartuutti kan barreeffama sana deeggaruuf taa'an wal simannaa kan hin qabanne ta'uutu mul'ata. Kanamalees walqabatiinsa yaadaa kan hin qabne ta'uu isaati. Barreeffama isaanii keessatti keeyyanni isaan barreessaan walqabsiistota tokkollee kan hin fayyadamnedha.

Akkasumas jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan, himoonni seeraan qindaa'anii hin barreeffamne. Barreeffama marsaa 2ffaa kanuma keessatti barattoonni 6 (20%) amaloota himaafi keeyyata gaarii keessaa hanga tokko guutummaa kan qabudha. Kan barattoota 11 (36.67%) tokkummaa kan hin qabne ta'eetu mul'ata. Akkataa barreeffamni isaanii xiinxalameen yaanni himni ijoo qabateefi himoonni gargaartu fakkeenyaan deeggarame yaadicha cimsuuf hanga xumura himaafi keeyyata sanaatti kan hin deemnedha.Barreeffama marsaa 2ffaa kana keessatti barattoonni 5(16.67) kan sirritti barreessan. Isaanis himaafi keeyyata barreessan keessatti jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan akkasumas walqabsiistuutti fayyadamanii kan barreessanidha. Fakkeenyaaf

> *Faayidaan Nageenyi. Qabuu kasuun. Barbachisadha. Inisii Nageenya male. Akki bahani garuun hindana.amu, Nageenyi hunde yudiinaati.yoonageeny hinjire.BarrFi barrsiisun hin jiru waanta. Ef. Nageenyi barbachisadha. Inii biraa Nageenyi bu.uura waan hundaati.yoo naageenyi hinjire.Naamooni akka maleetti yochuadda adda waliti rawaatuudanda'u kunakka Gocha Ajecha Naageenyi Qabeenyaa.yoo naageenyi hinjire.Naagaa woll yaFachun.hindanda'amu yoo Naageenyi hinjire Balaa addaaddatu Nama qunama.*

Yaada armaan olii kana irratti ibsame irraa qorataa kan hubate, barattoonni iddattoof filataman kun amaloota himaafi keeyyata gaarii guutanii barreessuu irratti harki caalu rakkoo kan qaban ta'uutu mul'ata. Himni sirnoota tuqaalee sirnaan guuttatee, qubguddeessaafi ergaa guutuu qabaatee dhiyaachuu qaba. Haa ta'u malee, qorannoo kana irraa akka argamutti yoo ta'e barattoonni itti fayyadama himaafi akkaataa barreeffama isaa waan adda baafatan hin fakkaatu. Kanamalees, barattoonni kun barreessaa waan jedhamaniif waanuma yaada isaanitti dhufeef kan naannoo isaanitti beekan barreessu malee, keeyyanni tokko eessaa ka'e eessatti immoo dhaabbata, duraa duuba himootaa, filannoo jechootaa, walqabsiistootaafi ciroowwaan eeganii barreessuu irratti rakkoon jiraachuu hubachuun xiinxalee dhiyeesseera.

**Battalee marsaa 2ffaa dandeettii keeyyata barreessuu barattootaaf kennamee ilaalame**


fidu" jedhu irratti keeyya[ta]
gabaabaa tokko barreessi.

keeyyata

Barmaatileen Boodatti hafoon barnoota Sham[a]
[ra]nii irratti dhiibba guddaa fiduu danda'a,
Innis -Barumsa adda kutuu, miidhaa Sam[...]
miidhaa Qaamaafi maatii irratti ba[...]
ta'uudha. Barmaatileen boodatti hafo[on]
kunis ulfaa fi barbaachisaa ykn yer[oo]
malee ulfa'uu, kittaanaa, ... qonqoo mu[...]
ilkaan tumuufi qola ijaa muruudha.
Walumaa galatti barmaatileen boodat[ti]
hafoon barnoota shamarannii irratti m[...]
baayee fiduu danda'a.

### 4.3.3. Battallee Himaafi keeyyata Barreessuu Barattootaaf Kenname

**Gabatee 7: xiinxala battallee himaafi keeyyata barreessuu marsaa 2faa bar**attootaaf **kenname**

| Lakk | Gaafii | Bakka itti dogoggora uuman | Baayina barattoota | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Lakk | % |
| 4 | Mataduree "sababoota dhibee garaa kaasaa" jedhurratti himaafi keeyyata tokko barreessi. Himaafi keeyyata kee keessaas hima ijoo, hima caallaa fi hima goolabaa addaan baasuun bar-reessi. | A.Hima ijoo | 12 | 40 |
| | | B.Himoota calla | 10 | 33.33 |
| | | C.Himoota goolaba | 8 | 26.67 |
| | | | 32 | 100 |

**Ibsa** A= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa osoo addaa hin basin barreessaan B= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa wal jala dabarsuun barreessan C= hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa adda baasuun warra barreessan;

Xiinxala battallee himaafi keeyyata barreessuu marsaa arfaffaa kenname. Battallee himaafi keeyyata barreessuu marsaa arfaffaa barattoota iddattoon filatamaniif kenname Mata-duree "sababoota dhibee garaa kaasaa" jedhurratti himaafi keeyyata tokko barreessuun hima ijoo, hima caallaafi hima goolaba addaan baasi jedhu keessatti akka qorataan barreeffama isaanii soroorsitetti barattoota battallee barreeffamaan fudhatan keessaa barattoonni 12(40%) ta'an waan barreessaa jedhamaan dhiisanii hima ijoo, hima caallaafi hima goolabaa osoo hin bar-reessiin callisaanii jechoota walkeessa fuudhuun kan barreessanidha.

Barreeffamuma marsaa kanaa keessatti barattoonni 10(33.33%) hima ijoo, hima callaafi hi-ma goolabaa baasaniiru. Garuu akkaataa isaan itti baasan dogoggora kan qabuudha. Himoo-tuma barreeffama keessatti tarreessan hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa jechuun baasanii ka'an malee himoonni isaan tokko tokkoo isaaf kaa'an hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa hin agarsiisu.

Kanamalees battallee marsaa arfaffaa barattootaaf kenname keessatti barattoonni 8(26.67%) caasaa himaafi keeyyata hima ijoo,hima callaafi hima goolabaa barreeffama isaanii keessaa baasuun barreessuun hanga tokko warra kaan irra fooyyee kan qaban yoo ta'u ,bakki isaan itti

dogoggora uuman hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa wal jalaa fuudhanii barreessuutu mul'ata .yaaduma armaan olii irratti hunda'uun qorataanis battallee himaafi keeyyata bar-reessuu marsaa arfaffaa irratti kenname soroorfame irraa waanti hubatame barattoonni kun caasaa himaafi keeyyata barreeffama keessaa baasuu irratti hanqinni jiraachuu xiinxaluun dhiyeesseera.

Walumagalaatti barreeffama marsaa himasfi keeyyataa barattootaaf kenname wal biraa qabuun yoo xiinxalamu bakkii isaan irra caalaa dogoggoraa uuman barattoonni baay'een sir-na tuqaaleefi qub-guddeessatti sirriitti Kan hin fayyadamne ta'uufi gumee qopheessuun bar-reessuu irratti rakkoon jiraachuu agarsiisa.

Haaluma kanaan akkaataa kitaaba barataa kutaa kudhanaffaa keessatti dhiyaatetti barattoonni kutaa kudhanaffaa baratan dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kan akka sirna tuqaaleefi qubguddeessa eeganii akka himaafi keeyyata barreessaniifi caasaa himaafi keeyyataa, yaado-ta qindeessuu, dura duubaa himootaa eeganii himaafi keeyyata akka isaan barreessan, gumee qopheessuun dandeettii himaafi keeyyata barreessuu akka gonfataniif kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti kaa'ee jira.

Fakkeenyaaf Himaafi keeyyata barreesse otoo hin xumuriin hanbisee barattoonni akka filan-noo AfiB keessaa filachuun yaada keeyyatichaa jalqabamee hafe xumuraniif ka'e jira. Ki-taaba barataa kutaa 10ffaa (2014, f.12),

Kanamalees Mata-duree, "Guddina Afaaniifi Aadaa Oromoo keessatti gahee manguddootaa" jedhuurratti barreeffama dheeraa himaafi keeyyata afurii hanga ja'aa qabu barreessi. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2014, f.35). Mata-duree irratti keeyyanni barreeffamu erga kenne booda haala itti keeyyanni sun barreeffamu tartiibaan ka'eera. Tartiibni kunis jalqaba irratti ofuma isaanii yaaduun odeeffannoo akkaataa yaadannootiin barreessuun yookiin burqaalee adda ad-daarraa funaanuu. 2ffaa. Yaadota funaanamaan tartiiba sirrii ta'een teessisuu. 3ffaa. Barreef-fama duraa barreessuu. 4ffaa. Barreeffamicha keessa deebi'anii dubbisuun sirreessuu; yoo danda'ame hiriyoota isaaniitti laatanii yaada irratti kennisiisuu. 5ffaa Barreeffama isa dhumaa barreessuun barsiisaan akka siif dubbisu itti laachuu.

Seenaa Onesmoos Nasiib dubbisiisuun seenaa nama biraa himaafi keeyyata shaniin akka barreessaniif dhiyeessaniru. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2014, f.66).

Mata-duree ''Tokkummaafi Garaagarummaa Qilxuufi Odaa' erga tarreessanii booda walitti qindeessuun himaafi keeyyata tokko barreessi'Yommuu himaafi keeyyata kana barreessitu, walqabsiiftoota sirrii ta'anitti fayyadamuun akka isaan barreessaniif dhiyeessera. Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2014, f.75). Kitaaba barataa kutaa 10ffaa (2014, f.19) irratti erga

himaafi keeyyata dubbisanii hima ijoo, hima callaa fi hima goolabaa akka isaan dubbisicha keessaa baasan erga taasisee booda mata-duree dhiyeessuun keessa tokko filachuun akka isaan himaafi keeyyata hima ijoo, hima callaa fi hima goolabaa hammachisuun akka isaan barreessan ka'eera.

Yaadota olitti ibsaman kanarraa wantii hubatamu kitaabni barataa kutaa 10ffaa barattoonni kutaa 10ffaa dandeettii himaafi keeyyata barreessuu akka gonfataniif sirna tuqaalee fi qub guddeessaa, amaloota himaafi keeyyata gaarii, caasaa himaafi keeyyata, yaadota qindeessuun dura duubaa himootaa akka isaan eeganii barreessaaniifi mata duree garaa garaa kennuun akka shaakalanii dandeettii himaafi keeyyata qindoomina qabu barreessuu akka gonfatan taasisuutu irraa hubatama. Kitaabni barataa haala kanaan haa ka'uu malee barattoonni kun barreeffama isaaniirraa akka hubatamutti himaafi keeyyata qindoomina qabu barreessuu kan hin dandeenye ta'utu hubatama. Kana malees; yoo kitaabni barataa akkaataa kanaan dhiyeesse iyyuu barsiisonnis itti siqeenyaan isaan dandeettii himaafi keeyyata barreessuu gonfataniif haala kanaan haa ka'uu malee qorataan himaafi keeyyata barattoota barreessisaa turteen walbira qabee yoo xiinxalu barattoonni kun akkaataa kitaabni barataa kaa'e kanatti himaafi keeyyata afurii hanga jaha kan jedhuu barreessuu kan hin dandeenye ta'uu agarsiisa.

## 4.4. Odeeffannoo af-gaaffii irraa Argamee Xiinxalame

### 4.4.1. Odeeffannoo af-gaaffii barsiisotaa Rakkoo Dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti Xiinxalame

Qorannoo kan galmaan ga'uuf qorataann qaamota adda addaarraa raga funaannateera.. Kanneen keessaa tokko barsiisota Mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa Lammaaffaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisanidha. Barsiisonni kunis, haaluma gaafatamaniin yaada isaanii akka armaan gadiitti ibsaniiru. Haaluma kanaan qorataan barsiisota kana biratti qaamaan argamuun gaafachuun odeeffannoo odeeffannoo irraa argame sana xinxaluun dhiyeesseera. Af-gaaffiin dhiyaates "Barattoonni mana barumsaa kana seera Afaan Oromoo eeganii himaafi keeyyata ni barreessuu? Kan jedhu yemmuu ta'u; yaanni barsiisota irraa argaames rakkoo barnoota sadarkaa gara gadii irraa ka'ee as gahe irraan kan ka'e hanga sadarkaa lammaffaa kanatti rakkoo guddaan akka jiru kaasaniiru. Maddi rakkoo kanaas akka isaan kaasuuf yaalanitti barattoonni baay'een isaanii yemmuu shaakalli barreessuu daree keessatti kennamuuf barreessuuf fedhii guutuu hinqabani; kan barreessanis rakkoo qindoomin jechoota himafi keeyyata ijaarani irraan kan ka'e seera afaanichaa eeganii barreessuu irratti rakkoon akka jiru ibsaniiru. Kana malees maddi rakkoo dandeettii himaafi keeyyata bar-

reessuu barattoota  mana barumsaa kann barattootumaa barsiisa bira jedhamanii yemmuu gaafatamannis; yaada ibsaniin qaama lamaanu bira akka jiruufi deeggarsi maatiis akka itti hanqatu kaasaniiru kanas barattoonni fedhii dhabuun akkuma jirutti ta’ee barsiisonnis haala walfakkaatuun dhimmanii fedhiifi kaka’umsa gaariidhaan dirqama ogummaan isaanii gaafatu bahuun barattoota deeggaruu irratti hanqinni bal’aan barsiisota bira akka jirus kaasaniiru.

Akka gaaffii sadaffaatti af-gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate; miidhaan karaa rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kanaan dhufu maali? jedhamanii yemmuu gaafatamanitti yaanni barsiisonni kaasuuf yaalan rakkoo  qubee sirreessuu rakkoo qindeeffama yaadaa, rakkoo ,rakkoo sirn tuqaleefi qub-guddeessatti haalaan fayyadamuu barreeffaan ergaa sirrii yaada sammuu ofi bakka bu’u dabarfachuu irratt dhiibbaa guddaa uumuu akka danda’u ibsaniiru.

Barattoonni kutaa10ffaa seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii himaafi keeyyata barreessuurratti kan qabaniifi gosoonni hanqinoota isaanii kunis himootaafi keeyyata barreessuu keessatti jecha qindeessuun qubeessuu bakka hin barbaachifnetti dheeressuu gabaabsuu, jabeessuu.laaffisuufi irrabutuufi k.k.f. af-gaaffii kanarraa hubachuun danda’ameera.

Maddi rakkoo kanaa maal ta’uu akka danda’u yammuu ibsan ,barattoonni hedduun isaanii daree keessatti yemmuu shaakaloonni adadda kennamuuf barreessuurratti xiyyaaffannoo osoo itti hin kenning akkasumas sirriitti sammuu isaanii keessatti deddeebisanii osoo hin yaadiin dogoggora uumamu sirreessuu fillee irra deebi’anii sirreessuuf kan hin yaadne ta’uu isaanii ibsanii jiru. Shaakala kennameef hojjechuuf kan carraaqan akkuma jiran kan waan akka barrreessanuuf kennamef fedhii guutuud hin qabnes baay’een isaanii akka jiran barsiisonni yaada isaanii ibsaniiru.

Miidhaan rakkoo dandeettii himaafi keeyyata barreessuu kanaan dhufus maal maali jedhamanii yemmuu gaafatamanis kanneen akka qubeewwan sirriin jechaaqindeessanii barreessuu,jechoota bakka hin barbaachifnetti dheeressuu,gabaabsuu,jabeessuu,laaffisuun barreessuundha. Kun immoo ergaa darburratti rakkoo uumuu yaadaa  dubbisaadhaaf akka darbu barbaadame guffachiisa. Kanamalees, guddina barreeffama afaanichaafi seera barreeffamichaa akka cabsuu danda’u mul’ateera.

Rakkoo kana furuuf immoo ga’een barsiisaa,barataa,maatii barataa baay’ee ol aanaa akka ta’eefi,barsiisaan tooftaalee dandeettii barreessuu adda addaa fayyadamuun barattoota isaa haala dandeettii isaaniitiin adda baasuun akka shaakalan gochuu akka qabuufi barataanis, tooftaa kanneenitti fayyadamee shaakala walirraa hincinne yoo godheefi ,maatiin barattootaas gama isaaniitii barsiisota waliin hariiroo gaarii uumun rakkoo kan hiikuu irratti gahee isaan irraa barbaachisu bahachuu akka qaban hubatameera

### 4.4.2. Odeeffannoo af-gaaffii Barattootaa Rakkoo Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa irratti xiinxalame

Qorataan barattoonni seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii himaafi keeyyata barreessuu isaanii adda baafachuuf gaaffii dhiyesseeraaf .Gaaffichis akkas jedha. 'Seera barreeffama Afaan Oromoo eegdanii rakkoo tokko malee himaafi keeyyata ni barreessitu? Kan jedhu ture barattota 30 keessaa baayinaan 13 kan ta'an ni dandeenya yemmuu jedhan kan hafan yookaan barattoonni 17 guutummaa guutuutti akka hidandeennye yaada isaanii kaasaniiru Sababni guutummaa guutuutti hindandeenyeef maali? Jedhamanii yemmuu gaafataman warri eeyyeen ni yaalla jedhan rakkoo xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuufi rakkoo huban-noodhabuuti yemmuu jedhan kanneen hafan immoo sababa rakkoo daree keessatti barsiisaan deeggarsa gahaa nuuf hinkennineefi manatti yemmuu gallu deeggarsi maatii keenya biraa ar-gannu gahaa waan hin taaneef jechuun yaada isaanii ibsaniiru.

Akka yaada qaaccessa af-gaaffii barattootaa irraa hubatamametti barattoonni hedduun han-qina qubeessuu jechoota qindeessuun himaafi keeyyata barreessuufi haala seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti hanqinni guddaan akka qaban kaasaniiru. Rakkon kun immoo ergaa darbuu malu hambisuu akka danda'uufi barattoonni ofitti amantaa akka hin horanne taasisusaa ibsaniiru. Gama biraan Shaakalli barsiisaadhaan daree keessatti dan-deettii barreessuu ilaalchisee kennamu ga'aa kan hintaanefi duubdeebiin ga'aan akka isaanii hin kannamne ibsaniiru. Gama birootiin barattoonni mataan isaanii fedhii barreessu akka hinqabneefi deeggarsa alaa barbaaduu malee waan dareetti baratanirra kaasanii taaffii gahaa akka hingoone yaada olitti ka'e kanarraa hubatameera' Walumaa galattii xiinxala danddeettii barreessuu barattoota mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10ffaa ilaal-chisee qaaccessa armaan olitti taasifame kanarraa wanti mul'atu rakkoon dandeettii barreessuu jiraachuufi dogoggorri qubeessuu barattootaa kanneenii baay'ee cimaafi furmaa-ta atattamaa kan barbaadu ta'uudha. dhabuun kan mul'atedha. Itti dabalees, jechi tokko yoo qubeeffamu guutummaatti sagaloonni jecha sana ijaaran hundi dogoggoraa ta'uunis mul'atee jira. Walumaa galatti, yaadni madda raga af-gaffiin barsiisotaafi barattootarraa ar-game hedduunsaa kan walfakkaatudha.Kunis seera barreeffamaa eeganii barreessuu ilaal-chisee barataarras ta'ee barsiisaarra ragaan funaaname rakkoon dandeetti jecha, himas ta'ee keeyyataa barreessuu akka jiru kan mul'isudha.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun kan dhiyaatedha.Haaluma kanaan boqonnaa tokko jalatti seenduubee qorannichaa irraa eegaluun kan jalqabe yemmuu ta'u, ka'umsi qorannoo kanaas rakkoo dandeetti barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Boorrachaa kutaa 10ffaa bara 2015 baratan irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha' Kana malees, kaayyoon qorannichaa xiinxala rakkoo dandeetti barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoota kutaa 10ffaa adda baasuufi miidhaa miidhaa inni fidau adda baasuun ibsuun qaama ilaallatuu wajjin furmaata barbaaduudha. Faayidaa, daangaafi hanqinni qorannichaas as jalatti ibsamanii jiru. Haaluma Kanaan; Kaayyoon qorannoo kanaa rakkoo dandeettii himootaafi keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa 2ffaa xiinxaluudha.

Kana malees; Gaaffiilee qorannichaa deebisuufi kaayyoolee tarreeffaman galmaan gahuuf barruu adda addaa sakatta'uun iddattoowwan ragaa kennuu danda'an barattoota mala iddatteessuu kaayyoo irratti xiyyffateen filatamaniiru

Akkasumas Barsiisonni kutaa 10ffaa Afaan oromoo barsiisanis iddattoo kaayyeffataan kan filatamani akka madda ragaatti tajaajilaniiru. Iddattoowwan filataman irraa ragaaleen qormaata himootaafi keeyyata barreessuu barattootaaf kennuun, afgaaffii, bar-gaaffiiffiin walitti qabamaniiru. Ragaaleen mala funaansa ragaatiin walitti qabaman mala qulqulleeffataafi safarataan xiinxalamaniiru. Odeeffannoon meeshaalee garaa garaatin funaaname irraa akka hubatametti barattoonni kutaa 10ffaa mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa 2ffaa dandeettii himootaafi keeyyata barreessuu isaanii irratti rakkoo yookiin hanqina filannoo jechootaa, walqabatiinsafi tokkummaa yaadaa, hanqina yaada maddisiisuufi hanqina caasaa himaafi keeyyataa guutanii barreessuu kan kan qaban ta'uusaanii hubatameera. Akkasumas amaloota himootaafi keeyyata gaarii guutuun himootaafi keeyyata qindoomina qabu barreessuufi gumee qopheessuun keeyyata barreessuu akka hin dandeenye mul'ateera. Kanamalees, barsiisoonni akka barattoonni kun dandeettii himootaafi keeyyata barreessuu akka shaakalaniif deeggarsa barbaachisuuaniifi duub-deebii gahaa kennaafi akka hinjirre adda baheera.

Dandeettii barreessuus barreessuu barattoota cimsuuf gaheen barsiisoota Afaan Oromoo irraa eegamu guddaa ta'us barsiisoonni afaan oromoo garuu odeeffannoo ibsame irraa akka hubatamuutti barattoota isaanii himootaafi keeyyata barreessuu shaakalchisuu irratti kan hin xiyyeeffanne ta' u agarsiisa. Dandeettii himootaafi keeyyata barreessuu gabbifachuun barruu

guutuu barreessuuf, seenaa ofii haala qindoomina qabuun barreessanii ka'uuf akkasumas asoosam adda addaa kalaquun guddina Afaan Oromootiif kan gumaachudha Akkasuma, sa-katta'a barruu qorannichaafi qorannoowwan Kanaan dura dhimma kana waliin walqabatan tartiiba isaanii eeggachuun ibsamanii jiru.

Boqonnaa sadii jalatti mala qorannichaa jalatti saxaxa qorannichaaf ibsa kan fayyadame yoo ta'u, malli qorannoo kanaas mala safarataafi qulqullffataa kan fayyadamedha .Iddattoonni qorannoo kanaas barattoota mana barumsaa Boorrachaa Sadarkaa lammaffaa kutaa 10ffaafi Barsiisota Mana barumsichaa Barnoota Afaan Oromoo barsiisanidha.

Ragaaleen qorannichaaf barbaachisan karaa battalee, afgaaffiifi bargaaffii sakatta'uun kan funaanamanidha.Dabalees, ragaaleen funaanama adeemsuma qaaccessa rakkoo dandeettii dandeetti barreessuu hordofuun qaacceffamee ibsi kan itti kenname dha.. Boqonnaa afur jalatti immoo ragaaleen funaanaman akkatuma adeemsa isaanii taa'een qaacceffamuun ibsi itti kennameera.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

**1**..Barattoonni seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii barreessuu ilaalchisee hanqina akka qaban ragaalee qorannichaaf funaanman irratti qaaccessa taasifameen argannoon qorannoo kanaa mul'iseera. Hanqinni dandeettii kunis rakkoo dandeettii jecha himaafi keeyyata ijaaru qindeessanii qubeessuu dadhabuu yoo ta'u kunis kanneen akka laaffisuu dhabuu, jabeessuu dhabuu, gabaabsuu dhabuu, dheeressuu dhabuu; Irra-buta isa ture dubbachiisaa saaguu, isa irra-butaa hintaane ofumaan irra-buta taasisuufi k.k.f, qorannichi agarsiiseera.

**2**.Maddi rakkoo dandeettii barreessuu dhabuu barattootaa qorannoo kana keessatti adda bafamaniiru. Kananis barattoonni fedhii fi kaka'msa dhabuu shaakala dandeettii barreessuu barsiisaadhaan kennamuuf xiyyeeffannoon hojjechuu dhabuufi waan barreessan waan xiyyeef-fannoo itti hin kennineef jechoota himaafi keeyyata ittiin ijaaran sirnaan qindeeffachuu dadha-buun qaaccessa ragaalee taasifameen kan mul'atedha. Kana malees; barsiisonni haala ogum-maan isaanii gaafatuun dandeettii barreessuu barattoota shaakalchiisuun duub deebii kennuu irratti hanqina akka qaban hubatameera.

**3**. Miidhaan rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo argannoo kanaan adda baffamaniiru. Isaanis,kanneen akka miidhaa  jechoota sirrii himaafi keeyyata ittin ijaar-an qindeeffachuu dadhabuu irraan kan ka'e yaada ofii karaa sirrii ta'een barreeffamaan dabar-fachuu dhabuu, hiikni jechaa ergaan isaa darbuu barbaadamee jijjiiramuu akkasumas, yaada barreeffamichaa addaan kutuu,haala qubeessuu afaanichaa jallisuun, qaaccessa geggeeffame keessatti haalan mul'atee jira.Rakkoo kan maqssuuf mala itti fayyadama  dandeettii  bar-reessuu  adda  addaa  fayyadamuun  barattoonni  dandeettii isaanii osoo cimisatanii carraa bal'aa qabu. Haata'u malee argannoo af-gaaffii barsiisaafi barataa irraa akka  hubatametti dandeettii barreessuu kanaaf  xiyyeeffannaan guddaan gama barataafi barsiisaatiin waan itti hin kennamneef  tooftaalee adda addaa kanneen mataduree barattoonni ofii isaaniitiin filatanii himaafi keeyyata irratti barreessanfi yemmuu isaan dogoggoran barsiisaanis  nuffii tokko ma-lee irra deebi'uun ilaaluun duubdeebii kennaafi jajjabeessee rakkoon kun fooyya'uu danda'a.

**4.**Barsiisoonni Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan waa'ee keeyyataa barsiisu malee akka isaan keeyyata barreessaniif carraa kennuu dhiisuu. Kana malees barattoonni kun sadarkaa tokkoffaa yeroo barachaa turanitti barnoota Afaan Oromoo kan isaan barsiisu barsiisota gosa barnoota biroon kan eebbifaman ta'uufi hordoffii dhabuu fa'i.

**5.**Barattoonni mana barumsaa Boorrachaa sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa amaloota keeyyata gaarii tokkummaa, walqabatinsa, guutummaafi xiyyeeffannaa keeyyata barreessan keessatti

mul’achuu dhabuu, sAkkasumas keeyyanni isaan barreessan walqabsiistotatti Sirriitti fayyadamuu dhiisuu. Kanbiroo barattoonni kun filannoo jechootaa eegani barreessuu dhabuufi qindoominni himootaa kan hin jirre ta’uu.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Qorannichi kaayyoo qabatee ka’e galma geessisuun rakkoolee mul’atan adda baasee kaa’ee jra. Kanneen irratti hundaa’uun yaadota furmaata ta’uu malus kennamee jira. Kunis Afaan tokko afaan barreeffamaa ta’ee jira taanaan seera qubeessuu mataa isaa qaba.

- Afaan Oromoos qubeessuurratti seera mataa isaa qaba. Kanaafuu hanqinoota seera barreeffamaa eeganii barreessuu dhabuu mul’atan kana adda baasanii beekuun itti karoorsanii shaakala walirraa hincinne gochuun dandeetti barreessuu kana gonfachuun ni danda’ama. Kana gonfachuuf immoo xiyyeeffannoon barachuufi sirritti irra deddeebiin shakaluun barbaachisaadha..\ Akkasumas, Barattoonni yeroo barreeffama barreessan nuffii tokko malee irra deebi’anii shaakaluun dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachuutu irraa eegama.. Gama birootiin madda rakkoowwan mul’atanii yaanni furmaataa ka’ameera.
- Keeyyata yeroo barsiisan barsiisoonni qajeelfama kennuun dhimmoota irratti xiyyeeffatame soroorfamu barattoota hubachiisuun shaakala adda addaa kennuun akka isaan barreessan osoo taasisee caalaatti filatama ta’a.
- Itti fayyadama sirna tuqaalee, barreeffama keessatti iddoo qub-guddeessi itti barreeffamufi filannoo jechootaa, seerlugaafi akkamitti himoonni seeran qindaa’anii akka keeyyata gaarii tokko uuman osoo sirriitti hubachiisanii filatamaa ta’a.
- Caasaalee keeyyataa keessaa himni ijoo eessatti argamuu akka danda’u adda baasuun osoo sirriitti barsiisanii barattoonni hubannoo qaban dabaluu ni danda’a.
- Amaloota keeyyata gaarii tokko tokkoon isaa maal irratti akka xiyyeeffatu haalaan osoo barsiisanii gaarii ta’a.
- Wayitti barnoota Afaan Oromoof kennameen alatti bifa isaaniif mijateen haala mijeessuun akka barnoota dabalatatti osoo kennanii barreeffama adda addaa shaakalsiisaanii guddina Afaan Oromootiif illee ka’umsa barattoota keessatti kan uumu ta’a.
- Walumaa galatti Barsiisonni afaan oromoo yeroo dandeettii himaafi keeyyataa barsiisan keeyyata adda addaa gumee qopheessuun akkamitti akka himniifi keeyyata haala seera issaa eeggateen akka qophaa’uu barsiisuurratti yoo xiiyyeeffatan rakkoon kun

furamuu danda'a. Innis seera barreeffama afaanichaatiif xiyyeeffannoo addaa kennuun barattoonni waan barreessan fedhii guutuufi nuffii malee barreessuu akka qabaniifi shaakalawwan karaa barsiisaa isaanii kennamuuf sirriitti hordofuun barreessuun gahee barataa ta'uufi barsiisonnis gama isaaniitiin daree keessatti deeggarsa wal irra hin cinne barattootaaf kennuun rakkoo dandeettii barreessuu kana akka furan qorannoon kun kallattii ni kaa'a. maddoota rakkoo dandeetti  barreessuu  kana maqsuun barbaachisaadha. Walumaa galatti qaamni dhimmi barnootaa illatu hundi rakkoo kana xiqqeessuudhaaf barattoota, barsiisota, maatii barattootaafi akkasumas mana barumsaa sadarkaan jiru gahee isaa irraa barbaachisu sirnaan bahuun barbaachisaadha.

# WABII


Addunyaa Barkeessaa,(2010). Natoo:Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee:Mega Printing Press.

Adrian, D. (1988). Teach English. A Training Course for teachers. Cambridge University press.

Atkins, J.,Hailom,B., & Nura, M. (1996).Skills Development Methodology.part II. Addis Ababa: Addis Ababa University Printing press.

Byrne, D. (1988). Teaching Writing Skills.New Edition. Longman: Longman Group UK Cre-swel. (2009). Reseach design 3rd ed thousand oaks calif: sage publish.

Crystall, d. (1997). Cambridge encyclopedia oflanguage. Cambridg: Cambridge university press.

Cunningham, P.M. (2000). Phonics They use: Words for Reading and Writing. Third Edition Longman: Addison- Wesley Educational Publishers Inc.

Ellis,R.2009.The study of second language acquisition(2nd ed.).New York:Oxford University Press.

Eric,W.1976.Assignments in punctuation and spelling.Edward Arnold:The Camel of Press Ltd.

Fergus,p.m. 1983. Spelling improvement.Aprogram foselfinstruction(4thed).New York.

Gedion Melaku .(2005).”Xiinxal Dogoggora Qubeessuu Barreeffamoota Tarjaa: Magaalaa Naqamtee”. Unpublished MA Thesis.Wollega University, WU

Geetaachoo Rabbirraa,(2015). Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10. Gulalii 4ffaa, Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Intarnaashinaal Finfinnee.

Geetaachoo Rabbirraa.(2008). Furtuu: Seerlua Afaan Oromoo Finfinnee: Kuraz International Publishing Interprises.

Getachoo Rabbirraa.2005.Furtuu: seerluga Afaan Oromookutaa 9fi 10.Addis Ababa:Mega Publishing Interprise

Glencoe, T.(1996). Writer’s Choice. Grammar and Composition.Printed in USA.

Grabe,W & Kaplan, B.(1996). The theory and practice of writing.London and New York

Guta Kedida.1989. ‘‘An Analysis Study of Patterns of Spelling Errors of Freshman Ethiopian Students at AAU Main Campus” Addis Ababa:Unpublished MA Thesis.

Hamid Muude.1995.Hamid Mude’s Oromo Dictionary,vol.1.Atlanta:sagaleeOromoo publising. Hodge,C.2009.How spelling errors impact your writing scores at helium.From http:www.helium.com/knowledge/2080 30-spelling-errors-on-helium

Hedge, T.(1988). Teaching and Learning English.Londen: Long man UK Group Ltd.

Kelly, j. w.(1998). Odyssey: a guide to better writing. Needham Heights: Allyn& Bacon.

Kelly,w. and Lawton. D. .(2006). Odyssay: from paragraph to essay (4th ed. PearsonLongman press.

McCrimmon, J.(1963).Writing Witha purpose. Boston: Hought Mifflin Company.

McCrimmon, J.M. .(1963). Writing with the purpose A first course in college composition (3rded). New York: Houghton Mifflin Company.

MCGrew.Hill.Inc. Fayisaa Damie.1996. ‘‘Historical challenges in the development of Oromo language and some Agenda forfuture Research.”Journal of Oromo studies, Murfeesboro: Middle tennesse state university. vol.3 no1-2, pp 18-25.

Misgaanuu Gulummaa,.(2011).Kattaa: Ogummaa Barreessuu. Finfinnee, Efficient printing press

Misgaanuu Gulummaa,.(2011).Kattaa: Ogummaa Barreessuu. Finfinnee, Efficient printing press

Raimes, A. 1983. Techniques in teaching writing. Oxford: Oxford university press.

Richard, V. 1990. Writing, Reading and Research.Second Edition.Printed in USA.

Wasanee Bashaa,(1996). Seer-lugaa Afaan Oromoo Finfinnee Far-East Trading PLC.

Whorter, K. J.(1997). A Pargagaph and Esssay Tex with reading New Diyanni,

R.Hoyii,C.P.1998.The Scribner handbook for writers(2nd ed.).New York:Ellyn& Bacon.

# Dabalee-A

## Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaate

Kabajamtoota barsiisotaa:

Qorannoo geggeefamaa jiruuf madda ragaa ta'uun waan filatamtaniif odeeffannoo ani dhimma kanaaf walitti qabaa jiruu naaf kennuuf eeyyamamoo ta'uu keessaniif galata qabdu

Kabajamoo barsiisaa/barsiiftuu dhimmi af-gaaffii kanaa, rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo barattoonni qaban beekuun furmaata kaa'uuf jecha odeeffannoo adda addaa walitti qabachuudha. Kanaafuu, muuxannoo qabdaniin osoo of hinqusatiin rakkoon kun akka furmaata argatuuf odeeffannoo bal'aa kennuun qooda akka keessatti fudhattan guddisnee isin abdanna.

## Odeeffannoo Dhuunfaa

I. Saala ______ Umurii________

II. Sadarkaa barnootaa_______________

III. Tajaajila-Barsiisummaadhaan __________ oguummaa biirootiin_____________

IV. Akaakuu barnootaa ittiin leenjitanii:-Muummee_______________ aantee____________

**Odeeffannoo waa'ee dhimma Rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo Barattootaa kutaa 10ffaati.**

1. Barattootni kutaa 10ffaa kun seera himaa Afaan Oromoo eeganii hima ni barreessuu? Haala kamiin? haa ibsamu:

_____________________________________________

_____________________________________________

_____________________________________________

_____

2.Barattoonni kutaa 10ffaa baratan kun seera keeyyata Afaan Oromoo eeganii hima ni barreessuu? Haala kamiin haa ibsamu;

_____________________________________________

3.Maddii rakkoo himaafi keeyyata barreessuu Afaan Oromoo barattoota kanaa maal maali?

_____________________________________________

_____________________________________________

_______

4..Miidhaan rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromootii barattoota irratti dhufu

maal fa'i?

_____________________________________________

_____________________________________________

____

5..Rakkoo dandeettii barreessuu himaafi keeyyata Afaan Oromoo  kan gaheen barsiisota Afaan  Oromootiifi barattootaa maali?

Odeeffannoo naaf kennitaniif Galatoomaa!

## Dabalee-B

### Bar-gaaffii Barattoaaf dhiyaate

Oromoo Barreessuu Barattoota Mana Barumsaa Boorrachaa Sadarkaa Lammaffaa kutaa 10ffaa ilaalchisee odeeffannoo walitti qabuun rakkoo kana adda baasuun furmaata barbaaduuf waan ta'eef;. Milkaa'ina qorannoo kanaaf odeeffannoon ati kenniti bakka guddaa qaba.

Kanaaf, hubannoo kanaan dura qabdu itti dabaluun deebii sirrii ta'efi dhugaa ta'e filannowwan Kabajamaa/ttuu barataa/ttuu, gaafannoon kun Rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan siif dhiyaata keessa isa qubee deebii sirrii qabatee jiruuf itti amante ofitti amanamummaadhaan deebii kee itti maruun yemmuu xumurtu naaf deebisi.

Hub. Maqaa kee barreessuun hinbarbaachisu

Odeeffannoo gabaabaa

Saala_______ Umurii______ Kutaa ____daree

1. Seera hima Afaan Oromoo eegdee hima ni barrssitaa?

   A/ Eeyyee B/ Lakkii C/ Amma tokko nan yaala
2. Seera keeyyata Afaan Oromoo eegdee keeyyata guutuu ta'e ni barreessita?

   A/ Eeyyee B/ Lakkii C/ murteessuu hin danda'u.
3. Yoo deebiin kee lakkii ta'e maddi rakkoo dandeettii keetii maali jetta?

   A/ Rakkoo jecha qindeefffachuu dhabuu B/ Rakkoo seer-lugaa C/ Rakkoo shaakala gaha dhabu D/ hundu deebiidha
4. Miidhaan Rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuutiin sitti dhufu maali jetta? A/ Ofitti amanuu dhabuu B/ qabxiin koo gadi buusuu C/Yaada koo barreeffan ibsachuu dadhabuu D/hunda E/ yaadota kanarra adda
5. Rakkoo dandeettii himaafi keeyyata Afaan Oromoo barreessuu kana furuuf ati gahee qabdaa?

   A/ Eeyyee B/Lakkii C/Hinbeekamu
6. Guyyaa hunda daree keessatti argamuun shaakala barsiisaan/tuun siif kennitu ni hojjetta?

   A/ Eeyyee B/ Lakkii C/darbee darbee D/ ibsuu hin danda'u
7. Barsiisaan /tuun shaakala barreessuu ati daree keessatti gootu ilaalee/te yaada sirreeffamaa siif kennaa/ti?

   A/Eeyye yeroo hunda B/ darbee darbee C/ tasuma iyyu hin kennan

.

8. Dandeettiiwwan afaanii jira keessaa isa kamtu caalaatti sitti ulfaata?

A/ dhaggeeffachuu B/ dubbachuu C/ dubbisuu D/barreessuu E/hiika jechaa F/ seer-luga

II. Adeemsa himaafi keeyyata barreessuu keessatti rakkoo dandeetti ati qabdu sadarkaadhaan adda baasuun bakka duwwaa armaan gadii irratti 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa,..... jechuun hang isa dhuma irra jiruutti barreessii agarsiisi.

9. Iddoon rakkoolee barreessuu keessatti ati qabdu armaan gaditti tart-iibaan 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa..............hanga 6ffaatti jechuudhaan sababa waliin ibsi.

__________Filannoo Jechoota

__________Seerluga afaanichaa eeguu

__________Hima gaarii ijaaruu

__________Yaada maddisiisuu

__________Walqabatiinsa yaadaa eeguu

__________Keeyyata gaarii barreessuu

10Yeroo hima yookiin keeyyata barreessitu haaluma dubbattuun barreessuu yaalta moo seera barreeffamaa Afaan Oromoo eegdee barreessita?

11. Maddi rakkoo kanaa maalfaadha jetta? Amma beektu tarreessi.

________________________________________________________________

12. Furmaanni rakkoo kanaa maal sitti fakkaata? Barreeffamaan ibsi.

________________________________________________________________

________________________________________________________________

________________________________________________________________

13. Yaada hafe jettu yoo qabaatte barreessuun ibsi.


14.
________________________________________________________________

________________________________________________________________

________________________________________________________________

**Dabalee-C**

Battallee  rakkoo dandeettii hima barreessuu xiinxaluuf kenname


BATTALEE


Himoota siif dubbifamu dhaggeeffachuun seera hima afaan oromoo eeguun barreessi.

1. Oromiyaan biyya badhaatuudha.
2. Fayyaa namaatif bishaan gaariidha
3. Ani Kuta loffaa baradha
4. Baranooni bu'ura guddinaati
5. Faraddi beeyilada manaati
6. Bosoni roobaa harkisa.
7. Bosonni dhiqama biyyee eega.
8. Jalqabaa buuna miccametuu akaama, akka'ama,

Irra deebi'i foryyessi himooni kunneen seera hima afaan Oromoo eeganii hin barreeffamne.

Dabalee- D

Battalee rakkoo dandeettii seera keeyyaata eeganii barreessuu barattoota xiinxaluuf kennames


I, mata duree "Dhiibba Barmaatilee Boodatti hafoon Barmoota sharrani irratti fidu" jedhu irratti keeyyata gabaabaa tokko barreessi.

Keeyyata

Barmaatileen Boodatti hafoon barnoota Shamarraniin irratti dhiibba guddaa fiduu danda'a, Innis - Barumsa adda kutuu, miidhaa Sammuu, miidhaa Qaamaafi maatii irratti ba'a ta'uudha. Barmaatileen boodatti hafoon kunis ulfaa hin barbaachifne ykn yeroo malee ulfa'uu, kittanaa, hiba qonqoo muruu ilkaan tumuufi gola ijaa muruudha. Walumaa galatti barmaatileen boodatti hafoon barnoota shamaraniirratti miidhaa baayyee fiduu danda'a.

Cimina
Qaamota birmaa Sadan Of keessaa Qabaachuu

Haarfina keeyyata kanaa
- boca keeyyataa hirfatu.
- bifa tartaabessuu fi ...

HOT 12i

jabanaatti naqna, yeroo sirriitti afuur...
baasee danfu jabanaa abiddairraa fuunee
lafa keenyee, bucuu ishee turree shimi...
miicinee buna danfe itti buufnee thug...

Maqaana Keennata Kunaa


- Maqaabatiinsa yaada dhabuu.
- Tartiiba sirrii eeguu dhabuu
- Maqaabsiisotaa kan ijaarrame irraa
- Qaamonni keennata sadan tartiiba isaanii eeguu hin malle ta'an, kan haqa jira.

21/6/2016

HOT 12i

Dabalee -A

Battalee  Dandeettii hima barreessuu barattootaa irratti barattootaaf kennamee ilaalame



BATTALEE

Himoota siif dubbifamu dhaggeeffac
ima afaan oromoo eeguun barreessi.

1. oromiyaan biyya badhatuudha.
2. Fayyaa namaatif bishaan gaariidh
3. Ani Kuta loffaa baradha
4. Baranooni bu'ura guddinaati
5. Faradi beefilada manaati
6. BOSoni rooba harkisa.
7. Bosonii dhiqama biyy ee eega
8. Jalqabaa buma miccametuu a

Irra deebi'i foomyessi himooni kun
Seera hima afaan Oromoo eegani
arreeffame.